



# AFAAN OROMOO

## AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

### QAJEELCHA BARSIIISOTAA

#### Kutaa 10



RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA  
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA

Gatii Qarshii 167.00

# AFAAN OROMOO

## AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

### QAJEELCHA BARSIIISOTAA

#### Kutaa 10



RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA  
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA



AFAAN OROMOO

Akka Afaan Lammaffaatti  
Qajeelcha Barsiisotaa

**Barreessitoota:** Kutaa 10

Alamituu Olee (PhD)  
Cimdii Waaqumaa (Asso. Prof)

**Gulaaltota:**

Asafaa Tafarraa (PhD)  
Taarikuu Simee (PhD)  
Taayyee Guddataa (PhD)

**Ogeessa Saxaxaa:**

Gammachuu Biraanuu (M.Sc.)

**Ogeessa Fakkii:**

Nagaasaa Biraanuu (PhD C.)

**Madaalaa:**

Tashoomaa Balaayinaa (PhD)



RIPPAABLIKA  
DIIMOKIRAATAWAA  
FEDERAALAWAA ITOOPHIYAATTI  
MINISTEERA BARNOOTAA



HAWASA UNIVERSITY

© Rippaablika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa Maxxansa jalqabaa Bara 2014/2022

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluu, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 ( July 19, 2004).

# BAAFATA

Seensa	IV
Boqonnaa 1: Beekumtaa (Wayitii 8)	I
Boqonnaa 2: Kalaqummaa (Wayitii 8)	19
Boqonnaa 3: Araada (Wayitii 8)	30
Boqonnaa 4: Asoosama Dheeraa (Wayitii 8)	44
Boqonnaa 5: Simannaa Keessummaa (Wayitii 8)	54
Boqonnaa 6: Aadaa (Wayitii 8)	70
Boqonnaa 7: Barnoota Hammattoo (Wayitii 8)	78
Boqonnaa 8: Walaloo (Wayitii 8)	86
Boqonnaa 9: Tokkummaafi Addaddummaa (Wayitii 7)	92
Boqonnaa 10: Godaansa (Wayitii 7)	99

# Seensa

Kaayyoon barnoota afaanii akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan waliigaltee akka uumuu danda`aniifi afaan baratan sanaanis hojjechuu akka danda`an taasisuudha. Kana galmaan ga`uufis ogummaawwan afaanii kanneen gurguddoo ta`an (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) akkasumas kanneen xixiqqoo ta`an (Caasluga, fayyadama jechootaafi ogbarruu) horachiisuun dhimma ijoo tahedha. Kanaafuu, barattoonni ogummaawwan kana haalaan gonfachuun jireenya hawaasummaa keessatti walquunnamtiif akka itii fayyadamuu danda`aniif, hojiitti gaafa bobba`anis ga`umsaan ittiin hojjechuu akka danda`aniif gama qophii kitaabaanis ta`e daree keessatti hojiirra oolchuun haala mijeessuun baay`ee barbaachisaadha.

Kanuma bu`uura godhachuun kitaabni barnootaa boqonnaalee, barannoofi gilgaalota garaa garaan qindaahee qophaa`eera. Qindoomina kana keessattis, haala barattoota hunda gidduu galeeffateen aadaafi sadarkaa hubannoo isaanii akkasumas umuriin xiyyeeffannoo argateera. Kun immoo qabiyyeen dhiyaatu tokko seenduubee barattoota gidduu galeessa godhatee akka filamuuf waan shoora qabuuf hojiirra oolmaasaafis misha ta`a.

Haaluma walfakkaatuun, kitaaba qophaa`e keessatti qabiyyeewwan qindeeffaman hundi sirna barnoota biyya keenyaa fooya`aa giddu galeeffachuun yommuu ta`u innis kan ga`umsa (competency) bu`uura godhatedha. Kanaafuu, qajeelchi barnoota Afaan Oromoo kun boqonnaa, kaayyoo, qabiyyee, wayitii, barannoo, mala baruu-barsiisuu, madaalliifi gaaffilee keessa deebii ofkeessatti hammatee qophaa`eera. Kunis, boqonnaalee hunda jalatti haala ifaafi gadifageenyaan waan qindaa`eef Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti hojiirra oolchuuf akka gargaaru abdii guddaa qabna. Barsiisaan/ tuunis, kitaaba kanatti dhimma bahuun qajeelfamoota, malleeniifi meeshaalee deeggarsaa haala barbaachisummaasarratti hundaa`uun itti fayyadamuutu irraa eegama. Adeemsa afaan barsiisuu keessatti adda dureen kan gahee taphachuu qabu barattoota ta`ullee, gahee kana akka taphataniif kan haala mijeessu barsiisaa/ tuudha. Kanaafuu, mala barattoota hundaa gidduu galeeffatetti dhimma bahuun

jechuunis mala cuunqa`aa (eclectic approach) gargaaramuun barattoota hundaa qaqqabuun murteessaadha.

Afaan baruu-barsiisuu keessatti malas ta`e ogummaa afaanii tokko qofaa yeroo tokkotti hojiirra oolchuun ulfaataadha. Sababiinsaas, malli filatamaafi guutuu ta`e akkasumas hanqina hinqabne, barattoota hundaafis mijataa ta`e hinjiru. Kanaafuu, akkaataa barachuu barattootaa adda adda ta`e walqixa keessummeessuuf mala cuunqa`aan filatamaadha. Kanamalees, wayitii tokkotti ogummaa afaanii tokko xiyyeeffannoon barsiisuuf karoofannee daree seenuu nidandeenya ta`a. Garuu, ogummaawwan kaan irraa adda hinba`an waan ta`eef isa guyyaa sanaaf kaayyeffanneerratti xiyyeeffachuun kaanis cinaatiin akka gabbifatan taasisuun dirqama ta`a.

Dabalataanis, barattoonni daree barnootaa keessatti argaman hundi tokko ta`uu dhiisuu nimalu. Kna jechuun kanneen deeggarsa addaa barbaadan jiraachuu nimalu jechuudha. Deeggarsa addaa jechuun barattoota qaamaan miidhamoo ta`an, dandeettii addaa qaban, fedhii addaa qabaniifi kanneen kana fakkeetaniif xiyyeeffannoo kennuun deeggarsa barbaachisaa ta`e gochuufii ilallata. Keessuma, barattoonni qaamni isaanii miidhamoo ta`an haalli kutaa barnootaa keessa jiru isaaniif mijachuu dhiisuu waan maluuf haalaan duukaa bu`uun milkaa`ina isaaniirratti gumaacha guddaa qaba. Fakkeenyaaf, barattoonni shaakala yeroo dhaggeeffachuu ykn shaakala yeroo dubbisuu otoo dhaggeeffachuu ykn dubbisuu hineegaliin dura akka dabtara isaaniirratti galagalwatan yeroo taasistu kanneen hinargine kana raawwachuu hindanda`ani. Kanaafuu, hunduu akka walqixa carraa shaakaluu argataniif gaaffilee sana hundaafuu dubbisuun akka barreeffatan gochuun fala gaariidha.

Akka waliigalaatti, barattoonni ogummaawwan afaanii hundaan dandeettii gahaa ta`e akka gonfataniif yaadamee kitaaba isaanii keessatti haala walqixaan qophaa`ee jira. Kanaafuu, atis akka barsiisaa/tuu afaaniitti ogummaa sirraa eegamu hunda fayyadamuun barattoonni gama hundaanuu dorgomoo (competent) akka ta`aniif hojjechuun lammi ofdanda`e oomishuuf imaanaa guddaatu sirra jira.

Kaayyoo kanas galmaan ga`uuf ogummaawwan afaaniifi hojiirra oolmaa isaaniif waantota xiyyeeffannoo kennuufiin sirraa eegamu haala dimshaasha ta`een kanaa gaditti kaasnee haa ilaallu.

## Ogummaawwan Afaanii

### Dhaggeeffachuu

Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataa jiran waan afaan kanaan dubbatamu dhaggeeffachuurratti hanqina qabu jedhamaniitu eegamu. Kanaafuu, ogummaan kun xiyyeeffannoon kennameefii daree barnootaa keessatti akka barattoonni shaakalan taasisuun murteessaadha. Kanaafuu, boqonnaa hunda jalatti akka barannoo tokkootti qophaa`ee jira. Barattoonni kun akka warra afaan tokkoffaa maatii isaaniirraa ogummaa kana hamma tokkoyyuu qabaachuu dhiisuu nimalu. Kanaafuu, xiyyeeffannoo kennuun shaakalsiisuun barbaachisaadha. Barruuwwan dhaggeeffachuuf qophaa`an barreeffamaan qajeelcha barnootaa keessa haajiraatuuyyuu malee tooftaa adda addaa gargaaramtee dhiyeessuu nidandeessa. Fakkeenyaaf, isa barreeffamaan dhiyaate kana mana keetti sagalee kee olfuutee dubbisuun meeshaalee elektorooniksiin (fkn. moobaayilii) of waraabdee kutaa keessatti dhaggeeffachiisuu nidandeessa; yeroo hundaa ofii kee dubbisuun dhaggeeffachiisuun dirqama miti.

Ogummaa kana gabbisuuf gilgaalonniifi shaakalli adda addaa kitaaba barnootaafi qajeelcha barnootaa keessatti qophaa`anii jiru. Haata`u malee barsiisaan/tuun kanaan qofa otoo hindaanga`iin qabiyyee barattoota koo fayyada jedhee/ttee yaade/yaadde jireenya dhugaa keessattis (fkn. sagantaa raadiyoo, televiiziinii, yaa`ii adda addaa) akka dhaggeeffatanii gara dareetti fidan taasisuun barbaachisaadha.

### Dubbachuu

Ogummaan kunsii akkuma dhaggeeffachuufi ogummaawwan biroo kitaaba

barnootaafi qajeelcha barsiisotaa keessatti haalaan qindaa`ee qophaa`eera. Haata`umalee, hojiirra oolmaan isaa xiyyeeffannoo barbaada, Sababiin isaas barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan dubbachuurratti ofitti amanamummaa dhabuu nimalu. Kanaafuu, akka dubbatan jajjabeessuun, yeroo dubbatan jajuun, hunduu akka dubbatan carraa kennuufiniifi shaakala adda addaa kennuufiin baay`ee barbaachisaadha. Barattoonni kun afaanichaaf haaraa waan ta`aniif sagaloomsuu, jabeessuufi laaffisuu, olka`insaafi gadibu`insa sagaleef akkasumas dubbii fi falmii garaa garaa haala kitaaba isaaniirratti qophaa`een akka shaakalan taasisuun ofitti amanamummaa gama dubbachuun qaban akka gabbifataniif bu`aa guddaa qaba.

Kanamalees, barattoonni yeroo dubbachuu shaakalan loogaan garaa garummaa qabaachuu waan danda`aniif kun gama barsiisaan/tuun hubbatamuu qaba. Yeroo tokkotti looga waalta`aa ta`e dubbachuun waan isaanitti cimuuf adeemsa keessa akka gabbifataa deemaniif carraan kennamuufi qaba. Kun, shaakalaan kan dhufu malee hojii guyyaa tokkoo miti.

Akka waliigalaatti, barsiisaan/tuun barattoonni akka fuuldura namaa dhaabbatanii afaanichaan bilisaan dubbatan, marii gaggeessan, sagantaa gaaffiifi deebii keessatti akka qooda fudhatan, falmii keessatti akka qooda fudhatan, dubbii akka gaggeessaniifi seenaa namootaafi seeneffamoota adda addaa himuu keessatti akka qooda fudhatan jajjabeesuu qaba/qabdi.

## Dubbisuu

Dubbisuunis akkuma ogummaawwan kaanii kitaabaafi qajeelcha barsiisotaa keessatti qabiyyee, barannoofi gilgaala adda addaan qindaa`ee dhiyaateera. Haata`umalee, waanti dhiyaate kun barattoota bira akkaataa kaayyeffameen gahuuf gaheen barsiisaa/tuu murteessaadha. Barattoonni ogummaa kanaan akka ga`umsa qabaataniif tarsiimoolee dubbisuu garaa graa gargaaramuun akka dubbisuu shaakalan taasisuun barbaachisaadha. Ogummaa kana cimsuuf dubbisni daree keessatti raawwatu qofaanis gahaa miti. Barattoonni akka jireenya dhugaa keessatti dubbisaniif haala mijeessuun barsiisaa/tuurraa eegama.



Dubbisuun kaayyoolee kanneen akka odeeffannoo murtaawaaf dubbisuu, odeeffannoo waliigalaaf dubbisuu, bashannanaaf dubbisuu, beekumsaaf dubbisuu, qormaataaf dubbisuu waan ofkeessaa qabuuf barattoonni kanneen kanaaf yeroo dubbisan tarsiimoolee adda addaa akka fayyadamuu qaban quba qabsiisi. Kaayyoon dubbisuu tarsiimoo dubbisuu murteessa waan ta'eef. Kanamalees, barattoonni haaluma barbaachisummaasaarratti hundaa'uun yeroo tokko tokko sagalee isaanii olkaasanii akka dubbisan taasisuun barbaachisaadha. Sababiinsaas, ga'umsa sagaloomsuu (pronunciation) gabbifachuuf gargaara. Dubbisuu keessatti, waanti barattoonni akka amaleeffatan hinjajjabaanne qubaan akeekaa dubbisuudha. Kun saffisa dubbisuu isaanii daangessa jedhamee waan yaadamuuf akka irraa of qusatan taasisuun barbaachisaadha.

## **Barreessuu**

Barreessuun ogummaalee afaanii shaakala barbaadan keessaa isa tokkodha. Ogummaan kun irra deddeebiin shaakala yeroo dheeraa taasisuu barbaada waan ta'eef barattoonni waan kitaaba isaaniirratti qophaa'een alas akka shaakalaniif haala mijeessuufiin barbaachisaadha. Waanuma beekanirraa ka'anii akka kalaqa adda addaa barreessuun dareef dhiyeessan taasisuun nidanda'ama. Barattoonni sirba ykn sheekkoo beekanirraa kaa'uun walaloo ykn asoosama gabaabaa kalaquu nidanda'u. Akkasumas, barattoonni daree keessatti harka bitaan barreessan haala teessuma isaanii ilaaluun haala mijeessuufiin dagatamuu hinqabu. Fakkeenyaaf, barattoonni akkasii teessuma waliin irra taa'amurratti gidduu taa'anii barreessuuf waan rakkataniif akka handaara taa'an taasisuun gaarii ta'a. Yoo kan ofii taa'an ta'es waan irratti barreessan qabaachuu qabu.

## **Fayyadama Jechootaa**

Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti fudhatan kun beekumsa jechoota Afaan Oromoo hedduu qabu jedhamanii hineegamani. Kanaafuu, akkuma ogummaawwan kaanii ofdanda'ee boqonnaa hunda jalatti barannoon kennameefii qophaa'ee jira. Kana bu'uura godhachuun shaaklaafi fakkeenyoota kennaman gadifageenyaan akka hubataniif haalaan duukaa bu'uun kan barsiisaa/tuuti. Barattoonni kun beekumsa jechootaa yoo hinqabaanne

ogummaa afaanii isa kamiinuu ga`umsa qabaachuu hindanda`ani. Kanaafuu, akka kallattii hundaan guutuu ta`aniif ogummaa kanaaf xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.

## Caasluga

Seerlugni akka ogummaa tokkootti ofdanda`ee kitaabaafi qajeelcha barnootaa keessatti qophaa`ee jira. Kanas akkuma ogummaawwan kaanii xiyyeeffannoon hojiirraa oolchuun barbaachisaadha. Barattoonni beekumsa ogummaawwan kaanii qabaatanii caaslugaan yoo hanqina agarsiisan ga`um si isaanii guutuu ta`uu hindanda`u. Afaan tokko seera mataa isaa waan qabaatuuf barattoonnis seerasana beekanii bakka barbaachisaa ta`e hundatti itti fayyadamuu danda`uu qabu. Kana immoo, daran akka gabbifataniif barattoonni kee kan kutaatti barataniin dabalata kitaabilee deeggarsaa adda addaa akka gargaaraman jajjabeessuufi shaakala garaa garaa kennuufin barsiisaa/tuu irraa eegama. Kanaafuu, mala mijataa ta`etti fayyadamuun barattoonni akka beekumsa gama caaslugaan qaban gabbifatan gochuun waan laayyootti ilaalamuu malu miti.

## Mala Waliigalaa

Malli waliigalaa kitaabaafi qajeelcha barnootaa keessatti dhimma itti ba`ame kan barattoota gidduu galeeffate ta`us inni qofaan gahaadha jedhamee fudhatamuu hinqabu. Sababiin isaa, akkaataa barachuu barattootaafi fedhii isaanii gidduu galeeffachuun barsiisaan/tuun mala garaa garaattii fayyadamuun qabiyyee qophaa`e dhiyeessuu waan danda`uuf/dandeessuuf. Kanaafuu, barattoota kee gidduu galeeffachuun mala akka isaan dandeettii kalaquu isaanii ittiin gabbifachuu danda`an, mala rakkoo ittiin hiikuu danda`an, mala dammaqinaan isaan hirmaachisuu danda`u, mala waliin akka baratan jajjabeessu, mala hojii garee, hojii dhuunfaafi akka guutummaa dareetti waliin hojjechiisuu danda`u waliin makuun itti fayyadamuu dandeessa. Dabalataanis, ogummaawwan afaanii hundaa ittiin barsiisuuf wabiilee si gargaaruu danda`an qajeelcha barnootaa kanarratti dabalamaniiru. Kanaafuu, kitaabilee kana marsariitiirraa kaan immoo gabaarraa/mana kitaabaatii barbaadachuun itti fayyadami.

## Madaallii

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti madaalliin isa tokko. Kunis, barattoonni qabiyyee dhiyaateefii hammam akka hubatan daandii ittiin mirkaneeffatanidha. Waan kana ta'eefis, barannoon hundi madaallii barbaada. Wayitii guutuu barsiisaa ooltee barattoonni kee hubachuufi dhiisuu isaanii gaaffileefi shaakala garaa garaan mirkaneeffachuu qabda. Kun immoo kitaaba isaanii keessatti haalaan qophaa'eera. Kanamalees, hirmaannaa barattoota keerraa waan hubattu niqabaatta waan ta'eef hordoffiin barbaachisaadha. Walumaagalatti, barsiisaan/tuun gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda tooftaa mataa isaatti/isheetti gargaaramuun barattoota ofii madaaluu qaba/qabdi. Kun immoo, bakka faaya'inni jiru cimsuufi bakka qaawwan jiru guutuuf gargaara. Kanaafis, yoo rakkoon kan mula'atu ta'e barsiisaan/tuun mala baruu-barsiisuu isaa/ishee keessa deebiin ilaaluun akka irraa eegamu quba qabaachuun dansa.

# Boqonnaa 1: Beekumtaa (Wayitii 8)

**Kaayyoowwan: Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti barattoonni:**

- ✎ odeeffannoo dhageeffatan addaan nibaafatu;
- ✎ waan dhaggeeffatan irratti mari`achuun afaaniin gabaasuu nidanda`u;
- ✎ barruu dubbisuudhaan gaaffilee qayyabannoof deebii nikennu;
- ✎ faayidaa qubguddeessaafi tuqaalee xumuraa nihubatu;
- ✎ hiika jechootaa akkaataa galumsaan nikennu;



**Torban 1; Guyyaa 1**



## 1. Dhaggeeffachuu



**Gilgaala 1**

### A) Dhaggeeffachuun Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota saditu dhiyaate. Inni jalqabaa fakkii beekumtaa Oromoo mul'isu kan waan dhaggeeffachuuf jiranii wajjin walfakkaatu dawwatanii waan hubachuu danda'an akka himan gaafata. Fakicha ilaalanii waa jechuu isaanii dura badiyyaa jiraatanii beekuufi hinbeeknee isaanii ykn waa'ee jireenya baadiyyaa maal akka beekan gaafadhu. Waan isaan jedhan gara yaadrimee beekumtaatti isaan fida. Isinis deebii isaaniirraa waa'ee beekumtaa hubannoo maalii akka qaban beekuu dandeessu. Ittuma fufaatii dhimmoota nyaataa aadaa, uffannaa aadaa, ijaarsa manaa, shubbisaafi waan garagaraa aadaa hawaasa baadiyyaa jiraatuu wajjin dudubbadhaa. Dhumarratti fakkii kitaaba barattootaa irratti dhiyaaterra maal maal akka hubatan akka himan taasisaa.

### B) Hiika Jechoota Barruu Dhaggeeffatame Keessaa Bahan

Barattoonni ogummaa dhaggeeffatanii hubachuu isaanii akka cimsataniif barruu "Akaakuu Beekumtaa" jedhu dubbisaafiitii shaakala ogummicha cimsuuf gargaaru hojjechiisaa. Jalqaba ogummaa dhaggeeffachuu hubachuu isaaniif

danqaa ta'uu kan danda'u jechoota ciccimoo barruu sana keessatti argaman ta'uu waan danda'aniif hanga ta'e achi keessaa bahee barattoonnis hiikasaa akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima waan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Uummata = hawaasa bakka tokko jiraatuufi yoo xiqqaate afaan, hawaas-dinagdeefi jiruu walfakkaatu kan waliin qooddatu
- b) Dimshaasha = otuu adda hinbabbaasiin bakka tokkotti
- c) Qabeenya = kan koo ykn kan keenya waan jedhamu kamiyyuu



## Gilgaala 2

### Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisaa/tuu, amma barattootaaf barruu dubbistu; isaanis dhaggeeffachaa waan gilgaala lama jalatti dhiyaate dalagu. Barruu “Akaakuu Beekumtaa” jedhu kana yeroo sadii irra deddeebitanii dubbistuuf. Saffisniifi anniisaan sagalee dubbisaaf ittiin dhimma baatan kan guulame ykn tirataa ta'uu hinqabu. Jalqaba callisanii shaakala gilgaalichaa akka isaan barruulee isaaniirratti galagalafataniifi yeroo tokka akka dubbisan itti himaa. Itti fufee, yommuu isin marsaa jalqabaa dubbistaniifii callisanii akka dhaggeeffatan quba qabsiisaa. Yeroo lammaffaa yommuu dubbisuufi jalqabdan isaan immoo shaakala dhiyaateef guutaa akka dhaggeeffatan; yeroo sadaffaa yommuu dubbifamuuf immoo waan guutaa turan mirkaneeffachaa waan isaan jala darbee ture immoo xumurachaa akka dhaggeeffatan itti himaa.

### Akaakuu Beekumtaa

Jechi beekumtaa jedhu jechoota Afaan Oromoo ‘beekumsa’ jedhuufi ‘uummata’ jedhu walitti dabaluu kan uumame yoo ta’u, hiikni isaa isa afaan Ingiliziitiin ‘indigenous knowledge’ jedhuun beekumsa uummataa jechuun bakka buufameeti. Jechi uummata jedhus ta’e jechi beekumsa jedhu

lamaanuu jechoota dimshaashaa bakka jiran kanatti ibsa barbaadanidha. Jechi uummata jedhu gurmuu hawaasaa bakka tokko jiraatuufi yoo xiqqaate afaan, hawaasummaa, dinagdeefi jiruufi jireenya walfakkaatu kan waliin qooddatan kan bakka bu'udha. Jechi beekumsa jedhu immoo, qabeenya uummanni sun akka beekumsaatti kan waliin qabu kan bakka bu'udha. Qabeenyi kunis kanneen akka hojii harkaa, amantii, sirna bulchinsaafi waliin jireenyaa, falaasama hawaasaafi kanneen kana fakkaatan of keessatti hammata.

Beekumtaan haaluma armaan olitti ibsameen dhimmoota qabeenyaafi falaasama hawaasaa ta'an hedduu of keessaa qaba. Beekumsi kunis, jiruufi jireenya keessa kan gabbifatameefi hawaasichis abbummaan bakka guddaa kenneefii kan itti dhimma bahudha. Kanneen keessas sirni gadaa isa tokko yommuu ta'u innis moggaasa, guddifachaa, ateetee, ayyaaneffannaa, irreechaafi kanneen biroo of keessaa qabaachuu nimala.

Walumaagalatti, beekumtaan beekumsa hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti hojii harkaan, beekumsa yaada sammuutiin, falaasama ogummaalee garaa garaafi sirnootaan walqabsiisee mudannoofi muuxannoo isaarraa gabbifatee itti jiraatudha.

- 1) beekumsa
- 2) uummata
- 3) gurmuu
- 4) Falaasama



### Gilgaala 3

#### **Dhaggeffachuun Booda**

#### **Deebii**

1. Sirni gadaa isa tokko yommuu ta'u innis moggaasa, guddifachaa, ateetee, ayyaaneffannaa, irreechaafi kanneen biroo of keessaa qabaachuu nimala.
2. Barattoonni aadaa mataa isaanii irratti hundaa'uun deebiin kennan barsiisaan madaalamee haamirkanaa'u

3. Wayyaa dhahuu, ijaarsa manaa, suphee dhahuu, mana ijaaruufi kanneen kana fakkaatan yoo deebisan sirriidha.

## Torban 1; Guyyaa 2

### 2. Dubbachuu

Barsiisaa/tuu, barattoonni ogummaa dubbachuu akka cimsataniif shaakalli fakkii ilaalanii ergaa isaa afaaniin akka himan; akkasumas sheekkoo dhaggeeffatanii irra deebi’anii akka himan qophaa’eera. Kanaaf, fakkii isin sheekkoo dubbisuufi jirtan wajjin walfakkaatu sana barattoonni ilaalanii lama lamaan irratti marii’achuun maal akka irraa hubatan afaaniin gabaasa akka kennan taasisaa. Itti fufuun sheekkoo asiin gadii yeroo lama irra deebi’aa barattootaaf dubbisaa.



#### Sheekkoo

Leencaafi waraabessatu waliin jiraatu turan. Leenci sangaa qaba. Waraabessi immoo sa’a qaba. Isaanis dabareedhaan walii tiksaa turan. Guyyaa tokko, gaafa dabaree leencaa sa’aan waraabessaa dhalte. Leenci waatii dhalatte fudhachuu barbaadee dil’uu sa’attii fuudhee qaama sangaasaatti suuqee waraabessaan, “Kunoo sangaa kootu dhale” jedheen. Sana booda wallolani bineensota jaarsummaa baafatanii bineensonni hunduu dhufanii qamaleen hafnaan guyyaa biraatti beellamatan. Guyyaa beellamaa kanas qamaleen akkuma amalashee turtee dhufte. Yoggaa isheen dhufu bineensonni kaan odaa jalatti walgahanii turan. Leencis qamaleedhaan akkas jadheen, “Yeroo darbe otuu si’eegnuu hafte; har’ammoo hanga kana barfate; jaarsummaa koo tuffatteeti moo maaliif kun ta’e” jedhee haala oriisaa makateen qamaleetti dubbate. Qamaleenis; “lakki gooftaakoo si ykn jaarsummaakee tuffadhee osoo hinta’in lafti tatarsa’ee jennaan otuun suphuu natti guyya’e” jetteen. Leencichis, “Lafti biyya kamitti tarsa’ee beeka? Maaliif sobda qamalee” jennaan, qamaleenis, “Sangaan biyya kamitti dhalee beeka obbo Leencoo” jettee muka yaabde.

Barsiisaa/tuu, sheekkoo dubbifameef erga dhaga’anii booda lama lamaan ta’anii akka irratti marii’atan itti himaa. Maree boodas irra deebi’anii sheekkoo dhaga’an sana akka himan taasisaa. Itti dabaluunis, barattoonni sheekkoo biroo dhaga’anii beekan dareetti akka himan jajjabeessaa.



## Torban 2; Guyyaa 1



### 3. Dubbisuu



#### Gilgaala 5

##### Dubbisa Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota garagaraatu dhiyaate. Gilgaala 5A jalatti qalbii barattootaa gara dhimma dubbisichaatti deebisuuf gaaffilee kanneen akka "Namni tokko sabummaa qabu irratti dabalee kan biraa argachuu danda'aa?, Jecha moggaasa jedhu dhageessee beekta yoo ta'e maal akka ta'e mee himifi waa'ee moggaasaa waan beektu kanarraa addaa waan ta'e nan bara jettee eegdaa? Jedhan dhiyaataniiru. Deebiin barattoonni kennan marti waan gara mata duree dubbisaatti isaan fiduufi waan dubbisaaniif isaan qopheessu ta'uu qaba.

Ogummaa dubbisuu barattootaa danquu kanneen danda'an jechoonni ciccimoon barruu sana keessatti argaman hanga ta'e gilgaala 5B jalatti adda bahanii dhiyaataniiru. Barattoonnis hiikasaanii akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima kan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufi wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Dhiiga = firoomina dhalootaa
- b) Dhala = mucaa dhalchan ykn dahan
- c) Hidda = achii as dhuftee dhalootaa
- d) Aangoo = humna ajajuu kan namaa kennu
- e) Orma = qoodama ta'e tokko bu'uura godhachuun nama achi keessaatti qabamuu hindandeenye





## Gilgaala 6

### Yeroo Dubbisuu

Barsiisaa/tuu, amma barattoonni barruu dubbisu; otuu dubbisanis waan gilgaala ja'a jalatti dhiyaate dalagu. Waan gilgaalicha jalatti dhiyaate yeroo tokko ilaalanii gara dubbisaa akka dhaqan itti himaa. Barattoonni saffisaafi callisaan dhuunfaa isaaniitiin akka dubbisan gargaaraa. Deebiin gaaffilee gilgaala ja'aas kunooti.

Karaalee Oromummaan Kennamu			
A: Dhiigaan	B: Guddifachaa	C: Ilmoo Mixii	D: Moggaasa
Oromoo ta'anii dhalachuu	Dhala yoo hinqabne ykn otuma qabanii gargaarsaaf fudhatanii guddifachuu	Bakka gatamee fuudhanii guddifachuu	Nama Oromoo hintaaneef maqaa, gosaafi gadaa kennanii Oromees-suudha



## Torban 2; Guyyaa 2



### Dubbisa Booda

Barsiisaa/tuu, bakka kanatti barattoonni waan dubbisan sirriitti hubataniiru jedhamee abdatama. Kanaafis, gilgaalota dubbisicha keessaa bahan akka dalaganiif gargaaraa.



## Deebii gilgaala 7

- 1) B    2) C    3) A    4) D    5) C    6) C



## Deebii gilgaala 8.

- 1) Dhiigaan, guddifachaa, ilmoo mixiifi moggaasa
- 2) Ilma mixii
- 3) Moggaasa

- 4) Oromummaan dhalootaan qofa kan argamu otuu hintaane simannaa saba sanaanis kan argamu ta'uu agarsiisuufi
- 5) Namni moggaasaan Oromummaa argate guyyaa itti eenyummaan sun kennameefii eegalee mirgoota Oromoon argatu hunda tokko otuu hin-sharafamiin waan dhalli gudeedaa argatuun walqixa argata.



## Torban 3; Guyyaa 1



### 4. Barreessuu

Barsiisaa/tuu, fayyadama qub-guddeessaafi tuqaa ilaalchisee barattoonni hubannaa akka argatan gargaaraa. Qub-guddeessa jechuun itti fayyadama qubee guddaa jechuu yoo ta'u tuqaan bakka himni himamsaa itti dhaabbatudha. Kanaaf, yaadrimee qub-guddeessaafi tuqaalee irratti barattootaaf ibsa kennaa. Afaan Oromoo keessatti eessatti akka dhimma itti baanu irratti fakkeeniyota kennaman kanaa ala fakkeenya biroo itti dabalaatii barattoota hubachiisaa. Dhumarratti fakkeeniyota kennameefii hordofanii fakkeenya mataa isaanii fayyadama qub-guddeessaafi tuqaalee irratti akka kennan taasisaa.

Qubee guddaa iddoowwan itti fayyadamnu:

- 1) Jalqaba himaa irratti. Fkn:
  - Barnoonni barbaachisaadha.
  - Ijji ibsaa qaamaati.
- 2) Maqaa namaa qubee guddaan jalqabna. Fkn:
  - Lammiifi Hawwiin dhufan.
  - Boonsaa, Jiituufi Margeen barattoota kutaa kudhaniiti.
  - Abdiisaa Aagaa goota.
- 3) Maqaa biyyaa, sabaa, afaan, godina, aanaa, ganda, tulluu, laggeen, galaana, haroo, garba, kalaqa, jaarmiyaaalee, guyyoota torbanii, ji'oota waggaa, qubee guddaan jalqabna. Fkn:

- Oromiyaa, Oromoo, Guraagee, Somaalee, Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Tulluu Diimtuu, Wallaggaa Lixaa, Shawaa, Bachoo Boodee, Aanaa Dugdaa, Kilimaanjaroo, Amaazoon, Bosona Yaayyoo, Mediteraaniyaanii, Soodaree, Wancii, Yuunvarsitii, Riifti Vaalii, Wiixata, Caamsaa, Viiktooriyaa, Atilaantikii, Maa-yikirooskooppii, Gamtaa Afrikaa, Gadaa, kkf fa'a.

4) Gabaajee barreessuuf fayyadamna. Fkn:

- Oromia Broadcasting Network = OBN
- Biiroo Barnoota Oromiyaa = BBO
- United Nations = UN
- Britain Broadcasting Corporation = BBC



## Torban 3; Guyyaa 2



### Tuqaa ( . ) bakka itti gargaaramnu:

1) Tuqaan dhuma hima himamsaa irratti gala. Fkn:

- Boonsaan barataa cimaadha.
- Hawwiin magaalaa deemte.

2) Gabaajee adda baasuuf gala. Fkn:

- Akka Lakkoofsa Awurooppaatti = A.L.A
- Dhaloota Kiristosiin Dura = Dh.K.D

3) Qarshiifi saantima adda baasuuf gala. Fkn:

- Qarshii shanii fi saantima shantama = 5.50
- Lakkoofsa dessimaalii ibsuuf gala. Fkn:
- Shan tuqaa torba shan = 5.75

Barsiisaa/tuu, haaluma kanaan, barattoonni qubee guddaa gargaaramuu danda'uu isaaniifi tuqaalee immoo dhuma hima himiinsaa irratti kaa'uu danda'uu isaani hordofaa.



## Torban 4; Guyyaa 1



### 5. Fayyadama Jechootaa

Barsiisaa/tuu, barannoo kana jalatti barattoonni hiika jechoota dubbisa keessaa bahanii akka galma isaaniitti kennuu danda'uutu irraa eegama. Kana galmaan ga'uufis, barattoonni lama ykn sadii ta'anii hiika jechoota dhiyaatanii waliin haa dalagani. Waan hojjetanis garee gareedhaan gaafatamanii ibsa itti haakennan. Hiikni isaan kennuu danda'anis kan asiin gaditti dhiyaateefi isa fakkaatu ta'uu danda'a.



### Gilgaala 10

Hiika Jechootaa Bakka Galmaa Isaaniin

Deebii

- 1) eenyummaa = qoodama namoota saba bu'uurefate
- 2) hidda = achii as dhuftee dhalootaa
- 3) dhala = nama dhalchani ykn dahanii kan kooti jedhan
- 4) "sittan gala" = namootetta jedhanii harka kennachuu
- 5) halluu gogaa = garaagarummaa namaa kan bifa ykn halluu bu'uureffate
- 6) gita = hawwaasa walfaana jiraatu jidduutti qabeenya ykn sanyii bu'uureffatee qoodama jiraatu
- 7) koorniyaa = saala bu'uureffatee qoodama namoota jidduu jiru
- 8) aangoo = humna ajajuu kan namaa kennu
- 9) dhorka = akka waa hingoone ykn hintaane kan irraa ittisu
- 10) oolmaa = deeggarsa ykn baabsa nama ykn qaama biraaf taasifamu
- 11) hinsharafamiin = otuu irraa hin'irratiin
- 12) dhala gudeedaa = mucaa dhalchan ykn dhalan

13) orma = qoodama ta'e tokko bu'uura godhachuun nama achi keessaatti qabamuu hindandeenye

14) hariiroo = walitti dhufeenya



## Torban 4; Guyyaa 2



### 6. Caasluga

Barsiisaa/tuu, kutaa kana jalatti barattoonni wanti barachuun irraa eegamu maqaafi gochima akka adda baafatanidha. Gareelee jechaa maqaafi gochimaa barattoonni akkamitti gareelee jechaa biroorraa adda baafachuu akka danda'an gargaaraa. Afaan Oromoo gareelee jechootaa shan qaba; isaanis: maqaa, maqibsa, gochima, gochibsaafi durduubeedha.

#### Maqaa

Jechi tokko yaada, meeshaa, miira, uumama lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne, wantoota qabatamoo ta'aniifi qabatamoo hintaane kan bakka bu'u yoo ta'e maqaadha. Maqaan moggaasa wantoota asiin olitti eeramanii hundaati. Maqaan gosoota garagaraa qaba. Haaluma kanaan maqaa iddoo shanitti addaan hirree ilaaluu dandeenya.

- 1) Maqaa dhuunfaa/matayyaa
- 2) Maqaa gamtaa
- 3) Maqaa dimshaashaa
- 4) Maqaa meeshaa
- 5) Maqaa killiyyaa/icciitii jedhamuun qoqqoodamu.

#### 1) Maqaa dhuunfaa

- Maqaan dhuunfaa kan namni uumamaa, namni seerawaa, bakkeewan ykn wanti tokko dhuunfatti ykn mata mataatti ittiin waamamudha. Fkn:

Caalaa, Abdiisaa, Ejersa, Yuunivarsiitii Jimmaa, Itoophiyaa, Finfinnee, kkf

Hub: Maqaaleen dhuunfaa dhamjecha danoominaa (-oota) jedhu hin maxxanfatan. Sababiin isaa dhuunfaan hindanoomu waan ta'eef. Fkn: Caalaa Jennee Caalota hinjenu. Kun Seerluga Afaan Oromooti. Haata'uu malee dhamjecha -faa jedhu dabalachuun heddummina agarsiisuu ni danda'a.

Fkn: Caalaa isa jedhu Caalaafaa jechuun Caalaa wajjin namoonni biroo jiraachuu agarsiifna.

## 2) Maqaalee Gamtaa

- Maqaan gamtaa itti waamama wantoota ykn qaamota amala walfakkataa qabaniiti. Fkn:

Saree, nama, laga, farda, haadha, harree, farda, kkf

Maqaaleen gamtaa baay'ina agarsiisuudhaaf dhamjechoota akka -oota, -ota, -lee, -wwan, -olii, -ee jedhaman dabalatu/fudhatu.

Fkn: Saree	Saroota
Nama	Namoota
Sa'a	Sa'aawwan fi kkf
Laaftoo	Laaftoowwan

## 3) Maqaalee Dimshaashaa

- Maqaaleen dimshaashaa kunneen kan wantootni garaagara ta'an bakka tokkotti ittiin waamamanidha. Fkn:

ummata, bineensa, walda, horii, koree kkf

Maqaaleen kun yaada danoomaa ofkeessaa qabaatus yaada qeenxeen kan ibsamuudha. Fkn:

Uummanni maal jedha?

Bineensi halkan deemu waraabessa.

## 4) Maqaalee Meeshaa

- Maqaaleen meeshaa kan meeshaaleen garagaraa ittiin moggaafamanidha.

Fkn: barcumaa, minjaala, qalama, qubeessaa, kkf

#### 5) Maqaalee killiyyaa

- Maqaaleen killiyyaa wantoota gocha, ta'umsa, yaadaa fi kkf irratti bu'uuramanii waamamaniidha. Fkn:

gowwummaa, hayyummaa, abshaalummaa, laafina, dhukkuba, kkf

HUB: maqaaleen killiyyaa kun danoommii hin fudhatan.

Akkasumas maqaalee hundi iddoo lamatti qoodamuu danda'u. Isaanis:

1. Maqaalee lakkaawaman
2. Maqaalee hinlakkaawamne

- Maqaaleen lakkaawaman kan lakkoofsan murteessuu dandeenyuudha.

Fkn: tokko, lama, sadi jennee kanneen waamuu dandeenyudha.

Mana, sa'a, konkolaataa, kitaaba, barataa, kkf

- Maqaaleen hinlakkaawamne immoo kan lakkoofsaan tokko lama jennee hammasaa himuu hindandeenyedha.

Fkn: Bishaan, jaalala, aarii, sirba kkf

### **Gochima**

Gochimni jecha waa'ee namootaa ykn waantotaa maal akka ta'an, maaltu irratti akka uumame, maal akka raawwatan kan agarsiisudha. Gochimni raawwii wayii, ta'umsa wayii, jiraachuu wayiifi kkf kan agarsiisudha. Jechi tokko latiilee henna, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, ilaalcha dubbataa agarsiisan kan fudhatu yoo ta'e gochima. Fkn:

1. Bunni **danfe**.
2. Namichi gafarsa **ajjeese**.
3. Aduun galgala **galti**.
4. Sareen iyyitu nama **hinnyaattu**.
5. Manni waa malee **hinaaru**.

Jechoonni gurraacha'an waa'ee matimaa odeeffannoo laachuuf kan dhihaatanidha. Kanaaf, gochimni raawwii hojii ykn gocha wajjin walqabata jechuun ni danda'ama. Gochimni afaan tokko keessatti matima wajjin walqabatee tajaajila garagaraa kenna. Tajaajiloonni ijoo ta'an bifa armaan gadiin dhihaataniiru.

A) Hojii Matimaa Agarsiisuuf; Fkn:

- 1) Fardi ni **dha'ata**.
- 2) Roobaan horii **bobbaase**.
- 3) Harmeen gabaa **dhaqxe**.
- 4) Lolaan mana namootaa **diige**.
- 5) Mardaasaan mucaa **rukute**.

B) Maalummaa Matimaa Ibsuuf; Fkn:

- 1) Caaltuun barattuudha.
- 2) Marartuun faarfattuudha.
- 3) Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatudha.
- 4) Sareen bineensa manaati.

C) Waan Matimarratti Raawwatame Ibsuuf; Fkn:

- 1) Yakkamtichi adabame.
- 2) Xaddeen waraanamte.
- 3) Midhaan nyaataa gatiinsaa dabaleera.

D) Qabeenya Matimaa Mul'isuuf

- 1) Jaagamaan kaadhimaa qaba.
- 2) Oromayaan lageen baay'ee qabdi.
- 3) Manichi kan Magarsaati.
- 4) Re'een harma lama qabdi.



## Gosoota Gochimaa

Faayidaafi hojii isaaniirratti hundaa'uun gochimoota gosoota adda addaatti qoqqooduun nidandeenya.

### A) Gochima Darbeeyyii (Transitive Verbs)

Gochimoonni gosa kanaa raawwii matimarraa gara antimaatti kanneen ceesi-sanidha.

- Fkn 1. Dachaasaan mana **ijaare**.
2. Loomituun mucaa **rukutte**.
3. Daadhituun mana **haxoofta**.
4. Qeerransi re'ee lammeessaa **nyaate**.

Gochimoonni gurraacha'an hojii/ raawwii matimarraa gara antimaatti ceesisaniiru.

### B) Gochimoota Mit-darbeeyyii (Intransitive Verbs)

Gochimoonni gosa kanaa ammo gocha raawwatame matimarraa gara anti-maatti ceesisuu kan hindandeenye. Kanaaf, yeroo baay'ee xumurtoota hafoo ykn gocha hambis jedhamuun beekamu.

1. Ayyaaneen mana warraatti **sokkita**.
2. Aduun **baate**.
3. Araarsaan **gale**.
4. Leellisaa **rafe**.
5. Yakkamtichi **du'e**.

Jechoonni gurraacha'an gochimoota raawwii matimarraa gara antimaatti hin-ceesisnedha.

### C) Gochimoota Gargaartuu (Auxiliary Verbs)

Gochimoonni akaakuu kanaa xumura yaada guduunfu deeggaruun kan galanidha. Gochimoonni kun hennaa (yeroo) ykn unkaa ajajaa kan mul'isanidha. Gosaanis **tur-**, **qab-**, **jira-**, **ool-**, **dand-**, jedhamu.

1. Deemuu **qabna**.
2. Gahutu sirra **jira**.
3. Biyya alaa dhaqee **ture**.
4. Tattaaffiin kun biyya jijjiiruu **hin'oolu**.

#### **D) Gochima Taasisaa (Active Voice)**

Gosni gochima kanaa yeroo gochi hojii /gahee matimaa ibsuudha. Gama bi-raatiin matimni hima tokkoo maal akka hojjete kan agarsiisudha. Fkn:

1. Galaanaan ijoollee isaa walitti qabee reebe.
2. Dalasaan gamoo haaraa ijaare.
3. Qeerransoon otoo hinbeekiin adamoorratti Baacaa waraane.
4. Badhaatuun qoraan cabsite.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala sararaman hojii /raawwii matimaa waan agarsiisaniif gochimoota jiraa jedhamuu.

#### **E) Gochima Taasimaa (Passive Voice)**

Hima tokko keessatti gochi matimarratti waan raawwatame yeroo ibsu xumura callisaa jedhama.

1. Ijoolleen reebamte.
2. Manni ijaarame.
3. Qeeransoon waraaname.
4. Qoraan cabsame.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala sararaman gocha matimarratti raawwate waan agarsiisaniif gochima callisaati.

Hub. Akkuma fakkeenya kennamerraa hubachuun danda'amu yeroo himni tokko jiraarraa gara callisaatti geeddaramu antimni gara matimaatti unka mathimaa fudhatee jijjiirama.



## Gilgaala 11

### A) Deebii

- 1) Nagaan qabeenya caala  
Nagaa = maqaa killayyii  
Qabeenya = maqaa dimshaashaa
- 2) Simboon Yuunivarsiitii Jimmaa baratti.  
Simboo = maqaa dhuunfaa  
Yuunivarsiitii Jimmaa = maqaa dhuunfaa
- 3) Hadurreen garaa keessa bineensa.  
Hadurree = maqaa gamtaa  
Bineensa = maqaa dimshaashaa
- 4) Nama jaallachuun maallaqaa oli.  
Nama = maqaa gamtaa  
Maallaqa = maqaa meeshaa
- 5) Sareefi hadurreen mana jiraatu.  
Saree = maqaa gamtaa  
Hadurree = maqaa gamtaa  
Mana = maqaa gamtaa
- 6) Ayyaanaan Keeniyaa deeme.  
Ayyaanaa = maqaa dhuunfaa  
Keeniyaa = maqaa dhuunfaa
- 7) Finfinneen laga ishee keessa darbu hedduu qabdi.  
Finfinnee = maqaa dhuunfaa  
Laga = maqaa gamtaa

8) Tulluun Diimtuu Oromiyaa keessatti argamti.

Tulluu Diimtuu = maqaa dhuunfaa

Oromiyaa = maqaa dhuunfaa

9) Muka sorooroo mana ijaarsaaf oolu bittaa?

Muka = maqaa dimshaashaa

Mana = maqaa gamtaa

10) Wanciin hora baddaarratti argamu.

Wancii = maqaa dhuunfaa

Hora = maqaa gamtaa

### B) Deebii

Hima	Gochima
1) Tulluun amala gaarii qaba.	qaba
2) Mucaan rafteetti.	ti
3) Nuti nama hintuqnu.	hintuqnu (hin- hindheentaa agarsiisa)
4) Falmataan intala isaa manaa ari'e.	ari'e
5) Bulloon barsiisaadha.	dha
6) Dargommiin jalqabame	jalqabame
7) Namni beekamaansuun du'e.	du'e
8) Baratichi sammuu cimaa qaba.	qaba
9) Oromiyaan biyya jiituudha.	dha
10) Ambisaan booyyee waraane.	waraane

**C) Deebii****Hima****Gosa Gochimaa**

- |  |   |
|--|---|
| 1. Haacaaluun galee <u>jira.</u>         | Gochima Taasisaa/Gochima Gargaartuu     |
| 2. Lelliseen buddeena <u>tolchite.</u>   | Gochima Taasisaa/Gochima darbeeyyii     |
| 3. Bokkaan <u>robe.</u>                  | Gochima Taasisaa/Gochima mit-darbeeyyii |
| 4. Caaltuun mana <u>haxoofte.</u>        | Gochima Taasisaa/ Gochima darbeeyyii    |
| 5. Mooraan <u>qulqullahe.</u>            | Gochima Taasifamaa                      |
| 6. Gamteessaan balbala <u>cufe.</u>      | Gochima Taasisaa/ gochima darbeeyyii    |
| 7. Inni rafee <u>ture.</u>               | Gochima Taasisaa/Gochima Gargaartuu     |
| 8. Mucichi <u>reebame.</u>               | Gochima Taasifamaa                      |
| 9. Mucaan <u>booye.</u>                  | Gochima Taasisaa/gochima mit-darbeeyyii |
| 10. Gurbichi mana barumsaa <u>deeme.</u> | Gochima Taasisaa/ gochima darbeeyyii    |

## Boqonnaa 2: Kalaqummaa (Wayitii 8)



### Torban 1; Guyyaa 1



Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaarratti barattoonni:

- ✘ dhaggeeffachuun yaada barruu sanaarratti ilaalcha qaban adda baafatu;
- ✘ hojii kalaqaa uummata isaanii keessaa jiru nibaru;
- ✘ barruu dhiyaate callisaan dubbisuun adeemsa dhimma tokkoo nihubatu;
- ✘ himoota tadjajila isaaniitiin barreessuu nidanda`u;
- ✘ hiika jechootaa kallattii kennuu nidanda`u;
- ✘ gaaleefi akaakuu gaalee nibaru.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1

#### A) Dhaggeeffachuun Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota saditu dhiyaate. Inni jalqabaa waa`ee kalaqaa ilaalchisee barattoonni muuxannoodhaan maal akka beekan hubattee gara waan amma dhaggeeffachuuf jiraniitti qalbii isaanii deebisuufi. Kanaaf, gaaffilee akkana jedhu gaafachuu dandeessa: Wanta namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti itti fayyadaman ilaaltee eenyu akkamitti akka kalaqeefti tajaajilaaf akka dhiheesse yaadde beektaa? Naannoo jiraatutti wanti ati kalaqa achii akka ta`etti beektu jiraa? Namoota waa kalaqanii madda galii ta`eef beektaa? Dhimmoota dhiyaatan kanarratti erga dudubbattanii booda gara dubbisa dhageeffachuutti isaan fiduudhaaf jechoota hubannoo isaanii rakkisu jedhamanii dhiyaatan kana hiikasaa akka tilmaaman irratti marii`adhaa. Kanneen dhiyaatan kanaan ala jecha naannoo jirtanitti haaraa ta`ee hubachuuf isaan rakkisa jettu biraas hiikasaarratti dudubbachuu dandeessu. Hiikni jechootaas kunooti.

- 1) Addunyaa dhugaa: Jireenya namni uumamaa qabatamaan keessa jiraatu;

addunyaa asoosaan uumee namfakilee keessa jiraachisu kan hintaane ykn kan namni hawwiidhaan keessa jiraatu kan hintaane jechuudha.

- 2) Guyyaa keessa : adeemsa keessa, guyyoonni darbanii jechuudha
- 3) Gulantaa: sadarkaa, bakka jiranirraa tarkaanfii biraa bakka birootti jechuudha
- 4) Nam-uumee: kan uumamaan hinjirre, kan namni tolche
- 5) Ammayyaa: waan ammaa kan ta'e, kan yeroon itti hindabbarre
- 6) Bahii: bu'aa, firii
- 7) Muuddate: isan qaqqabe, isa argate jechuudha
- 8) Geejjiba: waan ittiin bakka tokkoo bakka biraatti sosso'an



## Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisaa/tuu, amma barattootaaf barruu dubbistu; isaanis dhaggeeffachaa waan gilgaala lama jalatti dhiyaate dalagu. Barruu “Kalaqummaa” jedhu kana yeroo sadii irra deddeebitanii dubbistuuf. Saffisniifi anniisaan sagalee dubbisaaf ittiin dhimma baatan kan guulame ykn tirataa ta'uu hinqabu. Jalqaba callisanii shaakala gilgaalichaa akka isaan barruulee isaaniirratti galagalfataniifi yeroo tokka akka dubbisan itti himaa. Itti fufee, yommuu isin marsaa jalqabaa dubbistaniif callisanii akka dhaggeeffatan quba qabsiisaa. Yeroo lammaffaa yommuu dubbisuufii jalqabdan isaan immoo shaakala dhiyaateef guutaa akka dhaggeeffatan; yeroo sadaffaa yommuu dubbifamuuf immoo waan guutaa turan mirkaneeffachaa waan isaan jala darbee ture immoo xumurachaa akka dhaggeeffatan itti himaa.

## Kalaqummaa

Kalaqummaan dandeettii waa uumuu sammuuti; wanti kalaqamu kunis addunyaa dhugaa keessatti fayyadamtootaan fudhatamee guyyaa keessa tarree wantoota namni jireenyasaaf barbaadu keessaatti hiriira. Uummanni garagaraa haaxiqqaatu haaguddatu malee gulantaa jiraatu keessatti bu'aa kalaqaa naannoo isaatti itti dhimma ba'u niqabaata. Kalaqitoonni namoota dhuunfaa ykn garee ta'uu malu; fudhatamummaafi fayyadamni kalaqaa isaanii garuu fedhii hawaasaa tajaajilanii dhihaachuu isaaniiti. Wantoonni uumaman hedduun leccalloo qabatamaarraa tolfamanii waan qabatamaa ta'anii kan

as bahan yoo ta’u isaan kaan garuu sammuu ilma namaa keessaa maddanii kanneen beekumsaafi ogummaa namaa tajaajilan ta’anii jiraatu. Fakkeenyaaf, konkolaataan, xiyyaarri, kompiitarri, mobaayilliifi kkf bu’aa kalaqaa namuume addunyaa dhugaa keessatti namoota tajaajilaa jiraatan yoo ta’u ogbarruun, saayinsiin, herregniifi kkf biroo hedduunis sammuu namaa keessaa bahanii kanneen sammuu namaa tajaajilaa jiraatani. Wantoonni har’a akka waan fedhii bu’uurattis ta’e akka waan bu’aa jireenya fooyya’aatti fudhatamanii itti dhimma bahamaa jiran jalqabbiin isaanii kalaqa. Wantoonni jiruuf jireenya namaa fooyyessuuf yeroo yerootti kalaqaman kunneen akka barbaachisummaa isaatti fedhiin tajaajilamtootaa gaafa waan biraa ta’ummoo kalaqa fooyya’aa barbaadu. Fedhii namaafi yeroo ammayyaa guutaa kan deemu kalaqa. Kalaqitoonni waan hinjirre garuu waan barbaachisu kalaqaa, waan jiru immoo fooyyessaa kalaqummaa itti fufiinsaan jiraachisu. Kalaqummaan ka’umsi isaa fedhii tajaajila uummataa yoo ta’u bahiin isaa abba kalaqaafi namoota biroof carraa hojiiti.

Kalaqitoonni yaada kalaqaa kan eegalan rakkoo hawaasa keessatti argan ykn isaan muuddate irraa kan ka’e ta’uu danda’a. Wanta hawaasa barbaachisu kan murteessu akkaataa jiruufi jireenyaa hawaasichi itti jiraataa jiruufi fuula duratti itti jiraachuuf jiruuti. Fakkeenyaaf, har’a wantoonni qabatamoo bu’aa saayinsiifi teknoolojii ta’anii jiruufi jireenya namootaa murteessaa jiran marti bu’aa teknoolojii ka’umsi isaa kalaqa ta’eeti. Otuu hinkalaqiin wanti uumamu hinjiru. Wanti bakka tokkotti kalaqamee gara tajaajila hawaasaatti bahummoo geejjibamee dhaqee hojiirra ooluuf humna namaa garagaraa hedduu barbaada. Kanaaf, bahiin hojii kalaqaa abba kalaqaafis namoota biroofis carraa hojiiti kan jedhameef.

Barsiisaa/tuu, barattoonni dalagaa isaanii erga xumuranii booda, lama lamaan ykn sadi sadiin ta’anii waan dalagan akka walitti agarsiisan itti himaa; itti fufees waan irratti waliigalan dareef akka gabaasan itti himaa. Dhumarrattis, jechoonni 1-9 barreeffaman hojii isaanii keessatti guutamuu isaa mirkaneessaa.

1) Sammuuti	
2) addunyaa dhugaa	
3) gyyaa	
4) gulantaa	
5) namoota dhuunfaa	
6) garee	



7) leeccaloo	
8) nam-uumee	
9) geejjibamee	



### Gilgaala 3. Dhaggeffachuun Booda Deebii

- 1) -Waan qabatamaa: Konkolaataa, xiyyaara, Kompiitara, ... waan baay'ee hedduu  
-Yaada sammuu: hojiilee ogbarruu (asoosama, walaloo, diraamaa...)
- 2) rakkoo hawaasa keessatti argamu ykn muudannoo kalaqitootaa
- 3) fedhiin namootaa yoomiyyuu hindhaabbatu; kanaaf kalaqitoonni hojii akka haaraatti ykn waanuma ture fooyyessaa kalaqaa kalaqa itti fufanii jiraatu jechuudha.
- 4) Madda galii ta'ee tajaajila



## Torban 1; Guyyaa 2



### Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

Fakkii haadha mucaa ishee hurursitu ilaalanii irraa maal akka hubatan akka dubbatan gaafadhaa.

Walaloo hurursaa daa'immanii kitaaba isaaniirratti dhiyaate yedeloo isaa wajjin yeroo lama dubbisaafii. Barattoonnis irra deddeebi'anii erga jedhanii booda afaanii qofa akka jedhaniif jajjabeessaa.

- |         |            |
|---------|------------|
| 1. Soba | 6. Dhugaa  |
| 2. Soba | 7. Soba    |
| 3. Soba | 8. Dhugaa  |
| 4. soba | 9. Dhugaa  |
| 5. Soba | 10. Dhugaa |



## Torban 2; Guyyaa 1



### Barannoo 3: Dubbisuu



#### Gilgaala 5. Dubbisa Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota garagaraatu dhiyaate. Gara dubbisichaatti otuu hingaliin dura gilgaala 5A irratti marii gaggeessaa. Waan barattoonni jedhan marti waan gara mata duree dubbisaatti isaan fiduufi waan dubbisaaniif isaan qopheessu akka ta'u gargaaraa.

Ogummaa dubbisuu barattootaa danquu kanneen danda'an jechoonni ciccimoon barruu sana keessatti argaman hanga ta'e gilgaala 5B jalatti adda bahanii dhiyaataniiru. Barattoonnis hiikasaanii akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima kan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufi wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- 1) Dararamaa: rakkoo miidhaa guddaa ofirraa qabu
- 2) Carraa : mudannoo gaarii ykn yaraa akka tasaa nama qaqqabu
- 3) Muuxannoo: waan kana dura arganii ykn dhaga'anii ykn itti jiraatanii beekan
- 4) Suphuu : waan miidhame tokko deebisanii tajaajilaaf geessisuu
- 5) Afuu : wanni jiidhe tokko akka aduudhaan goguuf aduutti baasanii diriirsuu
- 6) Fooyyessuu: akkaataa itti dura jirurraa boca ykn amala biraa akka qa-baatu taasisuudha.



#### Gilgaala 6

Barsiisaa/tuu, amma barattoonni barruu dubbisu; otuu dubbisanis waan gilgaala ja'a jalatti dhiyaate dalagu. Waan gilgaalicha jalatti dhiyaate yeroo tokko ilaalanii gara dubbisaa akka dhaqan itti himaa. Barattoonni saffisaafi callisaan

dhuunfaa isaaniitiin akka dubbisan gargaaraa. Deebiin gaaffilee gilgaala ja'aas kunooti.

Hojii kalaqaa Obba Ahmad Hasan	
Tokko	maashina buna dhiq
Lama	maashina dhakaa warqee daaku foyyeessan
Sadii	maashina buna dhiqame boollaa baasee siree irratti afuu
Afur	baabura midhaan daaku kan anniisaa elektiriikii humna fardaa 5.5 qabutti fooyyessan



## Torban 2; Guyyaa 2



### Gilgaala 7: Dubbisa Booda

Barsiisaa/tuu, bakka kanatti barattoonni waan dubbisan sirriitti hubataniiru jedhamee abdatama. Kanaafis, gilgaalota dubbisicha keessaa bahan akka dalaganiif gargaaraa.



## Torban 3; Guyyaa 1



### Barannoo 4: Barreessuu

Barsiisaa/tuu, barattoonni gosoota himaa akka tajaajila isaaniitii maal akka ta'an hubannaa akka argatan gargaaraa. Kanaaf, yaadrimee gosoota himaarratti barattootaaf ibsa kennaa. Dhumarratti fakkeenya kennameefii hordofanii fakkeenya mataa isaanii akka kennan taasisaa. Mee ofii yaadrimee gosoota himaa tajaajila isaaniin waan asiin gaditti dhiyaate kana ilaalaa.

Himoota gosa tajaajila kennaniin/faayidaa oolaniin bakka afuritti qooduun ni danda'ama. Isaanis:

1. Hima Dhughimiinsaa
2. Hima iyyaafataa.
3. Hima ajajaa
4. Hima raajeffannaa

### 1) Hima himiinsaafi Tuqaa (.)

Himni akkasii kun dhughimiinsaa jedhamuudhaan beekama. Sababiin isaas, dhugaa yookiin haqa jiru ibsa. Himni gosa kana ergaa barreessaa dubbisaadhaan gahuu dha. Kana jechuun barreessaan waan akkaa dubbisaan beeku barbaadu ragaas ta'e waa biraa kallattiidhaan itti dhaamuu dha. Himni akkasii dhuma isaarratti sirna tuqqaalee kessaa isa tokkotti fayyadamee xumurama. Himni dhughimiinsaa kun xumuramuu isaa kan mul'isu tuqaa (.) kana qabaachuu isaati. Tuqaan hima xumuruuf yeroo baay'ee haa tajaajiluyyuu malee bakka biraatti dhimmoota hedduuf fayyadamana.

1. Jimmi biyya Abbaa Jifaar jedhama.
2. Hojiin hundee guddinaati.
3. Bishaan gadi yaa'a.
4. Oromoon saba guddaadha.
5. Torbeen tokko guyyoota torba qaba.

Himoota kanaa olii yoo ilaalte barreessaan dhugaa lafa jiru kallattii ibseera. Himoonni akkasii eeyyessa jedhamu.

### 2) Hima Iyyaafataafi Mallattoo Gaaffii (?)

Gosa himootaa keessaa inni lamataa hima iyyaafataa dha. Himni kun kan ergaa dabarsuu osoo hinta'iin kan ragaa gaafatudha. Barreessaan yookiin dubbataan waan baruu yookiin beekuu barbaade tokko nama isa dhaggeeffatu yookiin nama hima isaa dubbisu kanarraa waa baruu yoo barbaade itti fayyadama. Dhuma himaa kanarrattis mallattoo gaaffi kaa'uu qaba.

Fakkeenyaaf:

- a) Kaleessa eessa oolte?
- b) Kitaaba kana meeqaan bitte?
- c) Manni keessan eessa?
- d) Yuunivarsiitii kamitti barachuu feeta?

Himoonni arfanuu hima hiyyaafataa jedhamu. Akkuma ilaaluu dandeessu himoonni kunneen mallattoo gaaffitiin xumuramu. Karaa biraa barreessaan ragaa ofii isaa barbaadu qofa osoo hin ta’iin kan dubbisaan akka beeku barbaades haala gaaffitiin dhiyeesse dhumarratti deebii ofuma isaa kenna. Haala kamiinuu haa dhiyaatu dhuma iyyaafataarratti mallattoon gaaffii jiraachuu qaba.

### 3) Hima Ajajaafi Mallattoo Raajeffannaa (!)

Gosti hima kanaa akka himoota kanaa olitti eeramanii ergaa dabarsuu yookiin gaafachuu osoo hin ta’iin barreessaan yookiin dubbataan akka dubbisaan yookiin dhaggeeffataan waan itti himame sana raawwatu fedha guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Himni kun humna ajajaa qabaachuu isaa kan muli’su mallattoo (!) kana dhuma hima sanarraati agarsiifama.

Fakkeenyaaf:

1. Ka’ii deemi!
2. Balbala cufi!
3. Eedsiirraa of eegaa!

Himoonni akkasii kun akka namni isaan dhaga’ee waa raawwatu barbaadu. Fakkeenyaaf, tokkoffaan namni hima kana dhaga’e ka’ee akka deemu ni eegama. Lammataarratti immoo akka balbala cufu ajajameera. Isa sadaffaarratti namni hima kana dubbise yookiin dhaga’e akka Eedsiirraa of eeggatu ajaja dabarsa barreessaan yookiin dubbataan.

Maallattoon raajeffannoo ajaja qofa osoo hin ta’iin akkuma maqaa isaarra hubannutti wantoota ajaa’ibsiifachuufis ni oola.

Fkn:

Banne! Banne! Maali sun?

U...u...u! Bishaan nama nyaate!

Ajaa’iba! Lafti dhoye.

Ishoo baga dhufte!

Waa! Adabadhuu taa'i!

Ajab! Waraabessi guyyaa deema!

Dinqisiifachuuf: raajiidha!

Kadhachuuf: Yaa Rabbi! Balaa baraa nu baasi!



## Torban 3; Guyyaa 2



## Gilgala 8

### A) Deebii

- 1) Hima himiinsaa
- 2) Hima raajeffannoo
- 3) Hima iyyaafannoo
- 4) Hima himiinsaa
- 5) Hima ajajaa
- 6) Hima ajajaa
- 7) Hima iyyaafannoo
- 8) Hima raajeffannoo

### B) Deebii

- 1) Namni jiraachuuf nyaati isa barbaachisa. Hima Himiinsaa
- 2) Nama kamiifuu duuti hin'oolu.
- 3) Jimaan waan nama mirqaansu qaba.
- 4) Jimaan faayidaa qabaa?
- 5) Umriin kee meeqa?
- 6) Hojii mataa ofii uummachuun qacaramuurra wayyaa?

- 7) Gaaffii yoo qabaatte harka baasii gaafadhu!
- 8) Hojii mataakee uummadhu!
- 9) Ka'ii gara hojii deemi!
- 10) Safuu! Akkana naganta hinseene!
- 11) Ajaa'iba! Abidda afaan kaawwate!
- 12) Raajiidha! Hintalli obboleessaaf ulfaa'uun!



## Torban 4; Guyyaa 1



### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Barsiisaa/tuu, barannoo kana jalatti barattoonni hiika jechoota dubbisa kees-saa bahaniif hiika kallattii akka kennuu danda'an irraa eegama. Kana galmaan ga'uufis, barattoonni lama ykn sadii ta'anii hiika jechoota dhiyaatanii waliin haa dalagani. Waan hojjetanis garee gareedhaan gaafatamanii ibsa itti haakennan. Hiikni isaan kennuu danda'anis kan asiin gaditti dhiyaateefi isa fakkaatu ta'uu danda'a.

- 1) Dararaa = rakkoo miidhaa guddaa ofirraa qabu; qaamaan miidhamuus ni ta'a
- 2) Gurmaa'ina = namoonni dhuunfaa ykn qaamonni garagaraa dhimma addaa wayiif walitti dhufanii ijaaramuu
- 3) Carraa = muudannoo gaarii ykn yaraa akka tasaa nama qaqqabu
- 4) Milkaa'ina = waan argachuu ykn bira ga'uuf karoorfatan fiixaan baafachuu
- 5) Muuxannoo = waan kana dura arganii ykn dhaga'anii ykn itti jiraatanii beekan
- 6) Miidhama = sababa balaan namarra ga'eef waan qaama namaarra ga'u
- 7) Uumamaan = nam-tolchee kan hintaane; kan namni ykn waan biraa hin'uumne

- 8) Boolla = lafa gadi qotamee yoo waa keessa kaa'an ykn yoo waa seene dawoo ta'u
- 9) Anniisaa = humna waa dalaguuf oolu
- 10) Madda = bakka burqaa bishaanii



## Torban 4; Guyyaa 2



### Barannoo 6: Caasluga



#### Gilgaala 10

1. Gaalee maqaa
2. Gaalee durduubee
3. Gaalee gochimaa
4. Gaalee maqibsii
5. Gaalee gochibsaa
6. Gaalee gochimaa
7. Gaalee gochimaa
8. Gaalee gochibsii
9. Gaalee durduubee
10. Gaalee maqibsii



## Boqonnaa 3: Araada (Wayitii 8)



### Torban 1; Guyyaa 1



#### **Kaayyooowan: Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti barattoonni:**

- ✍ maalummaa araadaa yommuu gaafataman ni himu;
- ✍ miidhaa araadni qaqqabsiisu ni himu;
- ✍ durdurii Oromoo gaafatanii dhufuun kutaa keessatti afaaniin ni himu;
- ✍ barruu dubbisuuf dhiyaate dubbisanii maalummaa baala sammuu hadoochaa, faayidaafi miidhaan isaa maal akka ta'e waan hubatan ni dubbatu;
- ✍ himoota sasalphaa mathima, anthimaafi gochima tokko tokko qabu barreessu;
- ✍ jechoota hiika dhokataa qaban dubbachuufi barreessuu keessatti nifayyadamu;
- ✍ himoota garagaraa dhihaatuuf keessaa gaalee maqaa adda baasanii nihimuu ykn ni agarsiisuu;
- ✍ gaalee maqaa ni barreessu.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1

#### **Dhaggeeffachuun Dura**

##### **A) Fakkii**

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota saditu dhiyaate. Inni jalqabaa fakkii namoota araada garagaraa qabaniin kan waan dhaggeeffachuuf jiraniin wajjin walfakkaatu. Daawwatanii waan hubachuu danda'uu isaanii gaafadhaa. Gaaffii gilgaala 1 Ajala jirus wajjumaan hojjedhaa. Gilgaalicha gara mata duree isaan dhaggeeffachuuf jiraniitti isaan fiduu danda'uu qaba.

## B) Hiika Jechoota Barruu Dhaggeeffatame Keessaa Bahan

Barattoonni ogummaa dhaggeeffatanii hubachuu isaanii akka cimsataniiif barruu “Araada” jedhu dubbisaafiitii shaakala ogummicha cimsuuf gargaaru hojjechiisaa. Jalqaba ogummaa dhaggeeffachuu hubachuu isaaniif danqaa ta’uu kan danda’u jechoota ciccimoo barruu sana keessatti argaman ta’uu waan danda’aniif hanga ta’e achi keessaa bahee barattoonnis hiikasaa akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima waan jettan dursitanii itti himuu hindhiisinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Miidhama = qaamaanis ta’e xiinsammuudhaan waan namarra ga’ee hubaatii geessisu
- b) Balaa = otuu hinyaadiin waan nama qaqqabee nama miidhu
- c) Jaarmiyaa = namummaa seeraa qabaatee hojii itti gaafatamummaa qabu tokko kan dalagu
- d) Mirqaansuu = miira ykn keessa namaa kan dur barameen ala kan dada-maqsu
- e) Gamisa = guutuu kan hintaane
- f) Aarsuu = afaanitti erga fudhatanii booda bifa aaraan afaan keessaa baasu (tamboo xuuxuu)
- g) Alanfachuu = afaan keessatti ilkaaniin waan nyaatamu
- h) Fuunfachuu = waan funyaanitti qabatamee ol suufamu
- i) Oomisha = waan qopheeffamee dhihaatu
- j) Sum’aahaa = bifa kamiinuu yoo qaama namaatti ol gale kan nama miidhuu danda’u



### Gilgaala 2

#### Yeroo Dhaggeeffachuu

## **Barruu Dubbifamu Dhaggeeffatanii Guutuu**

Barsiisaa/tuu, amma barattootaaf barruu dubbistu; isaanis dhaggeeffachaa waan gilgaala lama jalatti dhiyaate dalagu. Barruu “Araada” jedhu kana yeroo sadii irra deddeebitanii dubbistuuf. Saffisniifi anniisaan sagalee dubbisaaf ittiin dhimma baatan kan guulame ykn tirataa ta’uu hinqabu. Jalqaba callisanii shaakala gilgaalicha akka isaan barruulee isaaniirratti galagalafataniifi yeroo tokka akka dubbisan itti himaa. Itti fufee, yommuu isin marsaa jalqabaa dubbistaniifi callisanii akka dhaggeeffatan quba qabsiisaa. Yeroo lammaffaa yommuu dubbisuufii jalqabdan isaan immoo shaakala dhiyaateef guutaa akka dhaggeeffatan; yeroo sadaffaa yommuu dubbifamuuf immoo waan guutaa turan mirkaneeffachaa waan isaan jala darbee ture immoo xumurachaa akka dhaggeeffatan itti himaa.

## **Araada**

Araanni nyaachuu ykn dhuguu, fayyadamuufi dalaguu wantootaa dhiisuuf dandeettii to’annoo dhabuu yoo ta’u to’atamuu dhabuun wantoota sanaa ammoo garuu kan miidhaa guddaa geessisuu danda’udha. Araanni yeroo baay’ee miidhama darbeefi rakkoo ijoollummaatti nama muudatu irraa kan maddudha. Garuummo kana jechuun namni miidhama qabu hundi araada qabaata jechuu miti; namni araada qabu baay’een garuu duuba isarraa miidhama ni qabaata. Miidhama hamaa yeroo darbe tokko keessatti isa muudate jalaa dhokachuuf ykn waan sana yaaduu dhiisuuf waan namoonni godhan keessaa tokko gara tamboo xuuxuu ykn dhugaatii alkoolii dhuguutti seenuudha. Kun immoo irra deddeebi’amee gaafa raawwatamu wanta sana nidharra’a; dhaabuu yoo fedhanis dhiisuu hindanda’an; itti fufanii raawwachuun isaaniimmoo balaa jireenyaa niqabaata. Wantoonni akka araadaatti ilaalaman ija ogeessotaafi jaarmiyaalee garagaraan adda adda haata’an malee kanneen beekamoo ta’aniifi sadarkaan miidhaa geessisuu isaanii olaanaa ta’e dhugaatii alkoolii, tamboo, qoricha mirqaansaniifi qumaara.

Keessumaa, kanneen miidhaa gurguddoo geessisuu danda’an keessaa tokko kan ta’e tamboo bakka kanatti haakaafnu. Tamboo jechuun guutummaadhaanis ta’e gamisaan baala tamboo jedhamurraa kan qophaa’u aarsuun, xuuxuufi alanfachuun ykn fuunfachuun kan fudhatamu kamuudha. Fayyadama tamboo idl-addunyaafi

lakkoofsa du'aatii yoo ilaalle addunyaa keenya kanarra fayyadamtoota tamboo biiliyoona 1.3tu jira. Kunis lakkoofsa uummata addunyaa wajjin yoo walbira qabamu harka shan keessaa harka tokko ta'a. Uummanni miiliyoona 8 sababa tambootiin waggaa waggaadhaan kan du'an yoo ta'u namoonni miiliyoona 1.2 ta'an immoo sababa fayyadamtootaan (nama lammaffaan) du'u jedhamee tilmaamama. Sadarkaa idl-addunyaatti guyyaa guyyaadhaan namoonni 22,000 sababa fayyadama tambootiin lubbuu isaanii dhabu. Kana jechuun, sakoondii 4 jidduutti namni tokko nidu'a jechuudha. Kun akkasitti yoo itti fufe, bara 2030 ALA namoota miiliyoona 11tu du'a jedhamee tilmaamama. Biyya Itoophiyaa keessa yeroo ammaa fayyadamtoota tamboo miiliyoona 3.4 kan jiran yoo ta'u isaan keessaa namoonni 17,000 waggaa waggaan sababa dhibee tamboon dhufuun akka du'an himama. Tamboon karaa kamiinuu kan nama ajjeesudha. Oomishni tamboo aarsaman shiishaa dabalatee keessoo isaaniitti kemikaalota 7000 ol qabatu. Kanatti dabalee sum'aahoofii dhibee kaanserii kan fidan yoo xiqqaatan kemikaalota 250 ofkeessaa qabu. Oomisha tamboo aara hinqabne fayyadamuun ulfaataafi darbee darbeemmoo du'a akka tasaaf kan nama saaxiludha. Namoonni umrii isaanii guutuu tamboo xuuxan giddu galeessaan umrii isaanii waggaa 10f nihir'isu.

Barsiisaa/tuu, barattoonni dalagaa isaanii erga xumuranii booda, lama lamaan ykn sadi sadiin ta'anii waan dalagan akka walitti agarsiisan itti himaa; itti fufees waan irratti waliigalan dareef akka gabaasan itti himaa. Dhumarrattis, jechoonni 1-10 asiin gaditti barreeffaman kun hojii barattootaa keessatti hammatuu mirkaneessaa.

1) miidhama	10) qumaara
2) maddudha	
3) hamaa	
4) dhokachuuf	
5) yaaduu	
6) tamboo	
7) alkoolii dhuguutti	
8) nidharra'a	
9) Tamboo	



### Gilgaala 3

#### Dhaggeffachuun Booda

##### Deebii

- 1) Dhugaatii alkoolii, tamboo, qoricha mirqaansaniifi qumaara,
- 2) Aarsuun, xuuxuun, alanfachuufi fuunfachuun fudhatamuu danda'a.
- 3) Miidhama darbeefi rakkoo ijoollummaatti nama muudatu.
- 4) Yeroo namoonni tamboo xuuxan isaan kaan immoo bira jiraatanii aarri isaa carraa keessa isaanii galuu argata. Lakkoofsi du'aatii jedhame kanaa sababa kanaan kan dhufudha.
- 5) Namni jiddu galeessaan umrii jiraachuu qabu kan qabu yoo ta'e namni tamboo xuuxu umrii kanarraa waggaa 10f hanqata jechuudha.



### Torban 1; Guyyaa 2



#### Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

Barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifataniif mata duree “Tamboo xuuxuun faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala” jedhu irratti falmii akka gaggeessan taasisaa. Barattoonni falmii gaafa gaggeessan barataa waltajjii gaggeessu, barattoota akka abbaa murtiitti dalagu, barattoota yaadicha deeggaranii dubbatan, barattoota yaadicha mormanii dubbatan qopheessaa. Adeemsa falmii eeganii hundinuu bifa naamusa qabuun akka falmii gaggeessan gargaaraa. Dhumarratti, barataan waltajjii gaggeesse barattoota abbaa murtii ta'anii hojjetanirraa qabxii gaafatee garee caalmaan xumraniif harka rukuchiisee falmicha haaxumuru. Qabxiin kan kennamuu qabu ija jabinaan dubbachuu, yaada ragaadhaan dubbachuu, naamusaafi kabaja yaada mormitootaaf kennuun ta'uu dursaa itti himaa.

Dhumarratti, ogummaa dubbachuu barattootaa cimsuuf barattoonni oduu durii dhaamsi isaa araada wajjin walqabatu maatii isaanii ykn hiriyyaa isaanii

gaafatanii dhufuudhaan daree itti aanutti afaaniin akka himuu danda'an itti himaa.

Gara dubbisaatti otuu hingaliin barattoonni oduu durii gaafatanii akka dhufan hojii manaa itti kenname hojjedhaa. Barattoonni hanga ta'e erga oduu durii dubbatanii booda lama lamaan ta'anii akka irratti marii'atan itti himaa. Maree boodas irra deebi'anii sheekkoo dhaga'an sana akka himan taasisaa.



## Torban 2; Guyyaa 1



### Barannoo 3: Dubbisuu



#### Gilgaala 5

#### Dubbisa Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota garagaraatu dhiyaate. Gilgaala 5A jalatti qalbii barattootaa gara dhimma dubbisichaatti deebisuuf gaaffilee dhiyaatan hunda dalagaa. Deebiin barattoonni kennan marti waan gara mata duree dubbisaatti isaan fiduufi waan dubbisaaniif isaan qopheessu ta'uu qaba.

Ogummaa dubbisuu barattootaa danquu kanneen danda'an jechoonni ciccimoon barruu sana keessatti argaman hanga ta'e gilgaala 5B jalatti adda bahanii dhiyaataniiru. Barattoonnis hiikasaanii akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima kan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a. Hadoochoa = qaamni namaa keessaan ykn alaan waan keessummaa isaatti ta'e tokkoof deebii kennuu dadhabuu
- b. Mirkana = waan falmii hinqabne; waan dhugaa ta'e
- c. Laamsha'uu = lallaafina ykn ajajamuu diduurraan kan ka'e socho'uu dadhabuu
- d. Jeequmsa = nagaa keessa ofiitii dhabuu

- e. Saaxiluu = waanti tokko ta'uu isaarraa kan ka'e inni biraa siqaqqabuu
- f. Oomishtummaa = yeroo itti waa dalaguu dandeessu
- g. Baraaramuu = ooluu, irraa hafuu
- h. Aggaame = irratti xiyyeeffate, itti qajeele



## Gilgaala 6

### Yeroo Dubbisuu

Barsiisaa/tuu, amma barattoonni barruu dubbisu; otuu dubbisaniis waan gilgaala ja'a jalatti dhiyaate dalagu. Waan gilgaalicha jalatti dhiyaate yeroo tokko ilaalani gara dubbisaa akka dhaqan itti himaa. Barattoonni saffisaafi callisaan dhuunfaa isaaniitiin akka dubbisan gargaaraa. Deebiin gaaffilee gilgaala ja'aas kunooti.

- 1) Dhibeewwan HIV/AIDS, dhukkuba tiruu "hepatitisi B", Laamsha'ina qaamaa, jeequmsa hirribaa, of ajjeesu, nama ajjeesu.



## Torban 2; Guyyaa 2



### Dubbisa Booda

Barsiisaa/tuu, bakka kanatti barattoonni waan dubbisan sirriitti hubataniiru jedhamee abdatama. Kanaafis, gilgaalota dubbisicha keessaa bahan akka dalaganiif gargaaraa.



## Gilgaala 7

### A) Deebii Gaaffilee Filannoo

- 1) D 2) C 3) C 4) D 5) D 6) D 7) D

### B) Deebii Gaaffilee Hubannoo

- 1) Qorichoota sammuu hadoochan jedhamanii sadarkaa addunyaati fayyadamni isaanii seeraan kanneen dhorkaman, to'annoo ala ta'anii kanneen omishamanfi bifa daldala seeraan alaan kanneen daddabarfamanidha
- 2) Rakkoon kun biyyoota muraasa qofa kan ilaallatu otuu hintaane

biyya tokkorraa gara biraatti tatamsa'uu isaa agarsiisuufidha.

- 3) Baqattoota biyyoota garagaraa gara USAfi Awurooppaa seenan
- 4) Dhibeewwan HIV/AIDS, dhukkuba tiruu “hepatitisi B”, laamsha'ina qaamaa, jeequmsa hirribaa, of ajjeesu, nama ajjeesu.



## Torban 3; Guyyaa 1



### Barannoo 4: Barreessuu

Barsiisaa/tuu, barattoonni hima salphaa barreessuu akka danda'aniif gargaaraa. Yaadrimeen hima salphaa maal akka ta'e itti himaa. Dhumarratti fakkeenyoata kennameef hordofanii fakkeenya mataa isaanii akka kennan taasisaa. Mee jalqaba barattoonni odeeffannoo kana akka hubatan taasisaa.

#### Hima Salphaa

Himni idileen tokko, Afaan Oromoo keessatti matima, irraawwatamaa (antima) fi gochima qaba.

Matimni hima keessatti abbaa dhimma raawwatame sana dalagedha. Fakkeenyaaf, hima kanaa gadii ilaali.

a) Galgaloon loon bobbaase.

Himaa kana keessaatti:

Galgaloon - matima, kan adeemsa loon bobbaasuu raawwate.

loon - antima, kan dalagaan irratti raawwate.

bobbaase - gochima, gosa dalagaa raawwatame.

Tarreen teessuma isaanii: matima, antima, xumura (M-A-X) ta'a jechuudha. Kanaaf, caasaa hima Afaan Oromoo keessatti teessumni tarreefama qaamolee himaa walduraa duubaan matima, antimaafi, xumura taha jechuudha. Tartiiba kana otoo hin'eegiin yoo barreeffame hima dogoggoraa ykn hima afaan barreeffamaa otuu hintaane kan afaan dubbii ta'a.



Antima jechuun hima tokko keessatti waan matimni dalage eenyu irratti akka tahe adda baasee kan agarsiisudha; karaa biraatiin kan dalagaan irratti raawwate jechuudha.

Fkn:

Sarichi somba nyaate.

Hima kana keessatti jechi, “somba” jedhu antima hima kanaati.

Caasaa Afaan Oromoo keessatti gochimni dhuma himaa irratti kan argamu tahee, akka utubaa ol aanaatti ilaalama. Sabaabiin isaas, himni gochima hinqabne jiraachuu waan hindandeenyeefi. Gochimni waan matimni dalage ifa godhee agarsiisa.

Fkn:

Barsiisaan kitaaba dubbise.

Jechi gochimaa hima kanaa, “dubbise” isa jedhu. Waan barsiisaan (matimni) hojjete nutti hima. Kan dalagaan irratti raawwate yookaan kan dubbifame ammoo kitaaba (antima) taha jechuudha.



## Torban 3; Guyyaa 2



### Gilgaala 8

#### A) Deebii

- 1) Dammeen hojii gaarii hojjette.

Matima: Dammee

Antima: hojii gaarii

Gochima = hojjette

- 2) Gammadaa, Gammachuu fi obboleettiin isaanii as jiru.

Matima: Gammadaa, Gammachuu fi obboleettii isaanii

Antima: Hinqabu

Gochima : jiru

3) Hojjettoonni hojii dhaabanii?

Matima: Hojjettoota

Antima: hojii

Gochima: dhaabuu

4) Nyaadhaa! maaloo!

Matima: isin

Antima: hinqabu

Gochima : nyaachuu

5) Barattoonni sadarkaa hundaa qorumsa fudhataa jiru.

Matima: Barattoonni sadarkaa hundaa

Antima: qorumsa

Gochima: fudhataa jiru

6) Jimmi rakkataa hinqabu.

Matima: Jimma

Antima: Rakkataa

Gochima: Hinqabu

7) Yeroon haa deemani!

Matima: isaan

Antima: hinqabu

Gochima: haa deeman

8) Leencichi balaa qaqqabsiisee?

Matima: Leenca

Antima: balaa

Gochima: qaqqabsiise

9) Dhugaatii alkoolii hinjaalladhu.

Matima: dhugaatii alkoolii

Antima: hinqabu

Gochima: hinjaalladhu

## B) Deebii

Fkn:

1. Qananiin Finfinnee jiraatti.
2. Ebbiseen barnoota digrii jalqabaa xumurteetti.
3. Kormee! Baga dhaltte!
4. Bashaatuun dhugaatii alkoolii hindhugdu.
5. Ijoolleen abbaa Tolaa lamaan mana ijaarratan.
6. Atiifi Obboleettiinkee eessa deemtan?
7. Baga guyyaa dhalootakee geesse!
8. Hiyyummaafi hiyyeessa adda baafatteetaa?



## Torban 4; Guyyaa 1



## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 9

#### A) Himoota Asiin Gadii Kessatti Hiika Dhokataa Jechootaa Jala Mura-manii Barreessi. Fakkeenya Kenname Kana Hordofi.

- 1) Warri abbaa xomboreefaa guyyuma yuusu. = gosti isaanii budaadha jechuudha. (aadaa) Garee hawaasaa “buda: jedhaman keessaa barattoonni jiraachuu waan danda’aniif akkamitti ilaalta?
- 2) Oromoon sibiila. = cimaa; jaba; jechuudha
- 3) Waa’een Caaltuu hindubbatamu; Isheen qeerransa. = dubartii tuqaa hindandeenye ibsuuf yommuu barbaadan akkas jedhu.

- 4) Abbaankoo gaachana kooti. = kan na eegu; waan ana miidhu kan narraa faccisu jechuudha
- 5) Jarri ollaa keenya jiraatan sun rirma. = nama shira namarratti dalagu
- 6) Dubbiidhaan si edditi. = jecha nama mufachiisun namatti dubbatti
- 7) Isatti waa hinhimiin; inni gingilchaadha. = icciti hinqabatu jechuudha
- 8) Namicha hin'amaniinaa; harki isaa dhiiga. = nama ajjeeseera jechuudha
- 9) Margaan miilana hingalu; itti cimteetti. = hindu'a jechuudha
- 10) Afaan isaa daadhiidha. = afaan tola jechuudha
- 11) Margaan foon kooti; attamittan lola. = firakooti jechuudha
- 12) Akkas hindubbatii bor si dhiba. = gara fuuladuraatti nigaabbita jechuudha
- 13) Ani homaa hinjenne; ofumaa natti sirbaa ooltee deemte. = nanloltee jechuudha
- 14) Afaan ishee eebicha. = dubbiin ishee hinmi'aahu jechuudha
- 15) Amallisaa lafa. = garraamiidha jechuudha



## Torban 4; Guyyaa 2



### Barannoo 6: Caasluga



#### Gilgaala 10

##### A) Gaalee Maqaa

Gaalee miiltoon isaa maqaa ta'e; (miiltoo sadarkaa tokkoffaa)

- 1) Caaltuun [siree sibiilaa] bitatte.  
Mataa = siree  
Miiltoo = sibiila
- 2) Inni [buna dhugaatii] bite.

Mataa = buna

Miiltoo = dhugaatii

Gaalee miiltoon isaa maqibsiis ta'e; (miiltoo sadarkaa lammaffaa)

- 3) Abdiisaan [mana jireenyaa bareedaa] qaba.

Mataa = mana

Miiltoo = bareedaa

- 4) Caaltuun [gurbaa Oromoo dheeraa tokko] qabattee dhufte.

Mataa = gurbaa

Miiltoo = dheeraa

Murteessituu = tokko

Gaalee miiltoon isaa bakka/iddoo mataa gaalichaa himu; (miiltoo sadarkaa lammaffaa)

- 5) Inni [buna dhiqamaa Jimmaa] bitate.

Mataa = buna

Miiltoo = Jimmaa

- 6) Margaan [farsoo garbuu Baalee] namoota obaase.

Mataa = farsoo

Miiltoo = Baalee

- 7) Caaltuun [muka qoraanii gammoojjii] fichisiifatte.

Mataa = muka

Miiltoo = gammoojjii

Gaalee miiltoon isaa abbummaa mataa gaalichaa himu; (miiltoo sadarkaa lammaffaa)

- 8) Addunyaan [hoolaa foonii diimaa Jabeessaa] bitee dhufe.

Mataa = hoolaa

Miiltoo = Jabeessaa

9) Gaaddisaan [sangaa qonnaa guddaa abbaasaa sana] gabaa baase.

Mataa = sangaa

Miiltoo = abbaasaa

Murteessituu = sana

10) Eebbiseen [faaya Magartuu] godhattee dhufte.

Mataa = faaya

Miiltoo = Magartuu

## Boqonnaa 4: Asoosama Dheeraa (Wayitii 8)

### 1. Kaayyoowwan : Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✍ Ergaa barruu dhaggeffatanii ni hubatu;
- ✍ yaad-rimee asoosama dheeraa nibaru;
- ✍ sodaa malee seeneffama dhaggeeffatan irra deebi`anii nihimu;
- ✍ barruu dubbisan keessaa caacculee asoosama dheeraa addaan nibaasu;
- ✍ tuqaalee gargaaramuun himoota nibarreessu;
- ✍ gosoota jechoota hiika faallaa adda nibaasu;
- ✍ himoota sirna tuqaalee qaban nibarreessu;
- ✍ gaalee maqibsaa ni ijaaru.



Torban 1; guyyaa 1



### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa (gilgaala 1A fi 1B) barattoonni muuxannoo isaanii gara qabiyyee dhaggeeffachuuf deemaniitti fidachuun akka walqabsiifataniif. Kanaafuu, deebii isaan gaaffileef kennan sirriidha yookiin sirrii miti otoo hinjedhiin barattoonni waanuma isaanitti dhaga`amu akka ibsaniif carraa kennuufiin gaariidha; deebii isa sirrii ta`e yeroo dhaggeeffatan barreeffama sana keessaa argachuu waan danda`aniif. Dabalataanis, hiika jechootaa yeroo dhaggeeffannaa hubannaa barattootaatti gufuu ta`uu danda`u jedhamanii yaadaman hiika isaanii dura barattoota tilmaamsisuun booda otoo dhaggeeffachuu hineegaliin ofii kee deebii isa sirrii ta`e itti himi.

- Barsiisa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

**Deebii gilgaala 1A**

- Deebiin waanuma barattoonni yaalanidha.

**Deebii gilgaala 1B**

1. seenaa ta`insa tokko bu`uureffachuun sababaafi bu`aa hordofee barreeffamu
2. hojii uumee
3. nama fakkaachuun asoosama keessatti kan gahee taphatu/tu
4. yeroofi bakka asoosamni tokko itti barreeffame

**Gilgaala 2: Yeroo dhaggeeffachuu**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan dhaggeeffatamu keessatti guutummaa guutuutti akka qooda fudhataniifi gaaffileefis akka deebii kennaniif. Otoo gara dhaggeeffachiisuutti hinseeniin dura barattoonni gaaffiiwwan gilgaala 2 jala jiru akka dabtara isaaniirratti galagalatan itti himi. Mataduree akka dhaggeeffataniif qophaayee gabateerratti barreessi. Itti aansuun barreeffama mata-duricha jalatti qophaayeeru akka dubbisuufiif deemu itti himi. Isaanis otoo dhaggeeffatanii gaaffileef akka deebii gabaabaa kennan qajeelfama ifa ta`e kenniif. Barreeffamicha hubannoo barattootaarratti hundaa`uun yeroo 2 yookiin 3 irra deebi`ii dubbisiif. Yeroo dhaggeeffatan sagalee biraatiin akka hinjeeqamne ofeeggannoo gochuu qabda. Kana booda deebii isaanii hiriyyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka ofiin ofmadaalan erga gootee booda dareef yaada haa dhiyeessan. Dhumarratti yaada isaanii bu`uura godhachuun deebii isa sirrii ta`e gabateerratti barreessiif.

**Deebii gilgaala 2**

1. ogbarruu
2. seeneffama
3. dhugaa
4. hawaasaa keessa
5. gochaafi yaada hawaasaa

**Asoosama Dheeraa**

Asoosamni dheeraan gosoota ogbarruu keessaa tokko ta`ee kanneen seeneffaman jalatti kan ramadamudha. Asoosamni dheeraan hojii kalaqaa barreessaarraa



kan maddu yoo ta`u jiruufi jireenya dhala namaa bifa adda addaan fakkeessee bocuun agarsiisa. Asoosamni dheeraan dhugaa otoo hinta`iin dhugaa bu`uura godhachuun hojii ogummaan kalaqamudha. Asoosamni waan dhugaa miti yommuu jennu, jiruufi jireenya namfakkiiwwanii irratti seenaan seeneffame addunyaa dhugaa keessatti waan dhugaan raawwateeru miti jechuudha.

Garuu immoo, jireenya dhala namaa keessatti kan raawwateeru yookiin kan raawwachuu danda`u ta`uu danda`a jedhamee yaadamuun barreeffama. Fakkeenyaaf: Asoosama Gaaddisaa Birruun barreeffame “Dhaamsa Abbaa” keessatti namfakkiiwwan argamanis ta`e seenaan raawwate hundi waan qabatamaan addunyaa kanarratti ta`eeru miti. Namoota achi keessatti qooda fudhatan sana addunyaa dhugaa keessa otoo barbaannee argachuu hindandeenyu. Akkasumas, yoomessa seenaan sun keessatti raawwate otoo barbaannee hinarginu. Kanaafuu, waan dhugaan ta`ee argame miti jechuudha. Mudannoon akkasii garuu hawaasa keessa jiraachuu nimala.

Kana bu`uura godhachuunis, asoosamni addunyaa dhugaa keessatti mudannoo namootaan kan raawwateefi raawwachuu kan danda`u, ogummaafi ilaalcha barreessaatiin qindaa`ee kan dhiyaatu gochaafi yaanni hawaasaa karaa ittiin mul`atu ta`uusaa hubanna. Akkasumas, asoosama dheeraan jireenya hawaasummaa bal`inaan haala mi`aawuufi nama hawwatuun agarsiisuuf humna kan qabu, ogummaa mudannoo dhala namaa hedduu dhiyeessuu kan danda`udha.



### Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

Gulantaan kun barattoonni gilgaala dhaggeeffannaan duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin beekumsa isaanii akka gabbifachuu danda`an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Barattoonni waan manatti hojjetan akka dareef ibsan carraa kenniif.

#### Deebii gilgaala 3

1. Ergaan waliigalaa barruu sanaa asoosamni dheeraan hojii kalaqa dhala namaa akka ta`eefi kan dhugaa bu`uura godhatee seeneffamu ta`uu agarsiisa.

2. Asoosamni dheeraan haala jiruufi jireenya hawaasaati ibsa/agarsiisa,
3. Asoosama mana isaaniitti dubbisanii dhufanirraa ergaa hubatan hunduu afaaniin waliif haagabaasani.

**Barsiisa/tuu:** Barattoonni yaadrimee asoosama dheeraa ilaalchisuun akka hubannoo argataniifi yaadannoo kitaaba isaaniirra jiru akka dubbisan taasisuun ibsiif.

### Barannoo 3: Dubbachuu



#### Torban 1; guyyaa 2



Kaayyoon qabiyyee kanaa barattoonni durdurii garaa garaa irra deddeebi`anii himuun akka ofitti amanamummaan jamaa fuulduratti yaada isaanii ibsatan taasisuudha. Kanaafuu, barattoonni hundi carraa argatanii durdurii garaa garaa akka walitti himan taasisi. Akka barattoonni hamilee godhataniif dursii ofii kee durdurii itti aanee jiru isaanitti himi. Boodas akka irra deebi`anii sitti himan taasisi.



#### Gilgala 4: Durdurii Kana Barattootatti Himuun Akka Irra Deebi`anii Himan Taasisi

#### Bu`aa Caalu

Dur dur namichi tokko ijoollee lama qaba ture. Gaaf tokko ijoollee isaatiin “deemaa! mana ijaaraa,” jedhe. Ijoolleen isaas “tole” jedhanii deeman. Inni tokko mana shan ijaare; inni lammaffaan immoo namootaan walbare. Boodas galanii “kunoo ijaarree dhufne” jedhan. Abbaan isaaniis “beenaa mana isin ijaartanan ilaala” jedhee ijoollee lachuu qabatee dhaqe. Inni mana ijaare sun, “kunoo kanan ijaaree,” jedheen.

Ilma isaa isa kaaniin, “atihoo meerree isa kam ijaarte?” jennaan “koottu” jedhee qabatee mandara keessa oliifi gadi yeroo deemu, kuun farsoo, kuun aannan, kuun buna, kuun biddeena fida. Abbaa isaatiif gaangee fidanii kabajan gaggeesan. Abbaan isaaniis dhumarratti akkas jedhe, “ati mana shan ijaarte mana kee keessa homtuu hinjiru. Manni kee yeroo xiqqaa keessatti jijjiguu danda`a. Kun

garuu kan namootaan walbare yeroo dheeraa keessatti jijjiguu hindanda`u. Kanaafuu si isa mana shan ijaarteerra isa namaan walbare wayyaa,” jedhe.

**Deebii Gigaala 5:** barattoonni muuxannoo isaanii bu`uura godhachuun gaaffilee hunda akkaataa gaafatamaniin akka hojjetan taasisi. Hunduu akka dubbataniif carraa kenniif.

### Barannoo 3: Dubbisuu



#### Torban 2; guyyaa 1



Kaayyoon qabiyyee kanaa barattoonni barruu tokko dubbisani akka ga`umsa ergaa isaa hubachuu gabbifatan taasisuudha. Kanaafuu, gilgaalota dhiyaatan barattoonni akka xiyyeeffannoon hojjetaniif qajeelfamasaa hordofuun haala miijeessiif.



#### Gilgaala 6: Dubbisuun Dura

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni muuxannoo dhimma dubbisuuf deemanirratti duraan qaban waan dubbisaniin akka walqabsiisataniif. Kanaafuu, barattoonni dhimma gaafatamanirratti (gilgaala 6A) walaba ta`anii akka mari`ataniifi dareef ibsan jajjabeessi. Haaluma walfakkaatuun hiika jechoota haaraa gilgaala 6B jalatti dhiyaatan hiika isaanii akka tilmaaman taasisi. Booda garuu akka barattotatti yeroo dubbisan gufuu itti hintaaneeff otoo isaan dubbisuu hinegaliin hiika isa sirrii ta`e itti himi.

- Barsiisa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

**Deebii gilgaala 6A:** gaaffilee gilgaala kana jala jiraniif yaaliin barattootaa hunduu deebiidha; deebii sirrii yookiin dogoggora jedhamu hinjiru.

#### Deebii gilgaala 6B

1. qaamolee
2. ijaarsa gochaa/seenaa
3. walitti bu`insa/ waldhabdee



## Gilgaala 7: Yeroo Dubbisuu - Callisaafi saffisaan dubbisuu

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni barruu dubbifamu keessatti guutummaa guutuutti qooda fudhachuun akka dubbisanii gaaffilee garaa garaaf deebii kennan taasisuudha. Waan ta`eefis barattoonni dhuunfaa isaaniitiin dubbisicha callisaan dubbisaa akka gaaffilee gilgaala 7 jalatti dhiyaataniif deebii kennan qajeelfama ifaa ta`e kenniif. Yeroo dubbisanis barrattoonni hundi hojii kennameeffiirratti xiyyeeffachuun otoo dubbisanii bakka duwwaa sana guutaa jiraachuu isaanii haalaan hordofii deeggarsa barbaachisus godhiif.

### Deebii Gilgaala 7

1. jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessa, ijoo ergaafi ijadha
2. caacuuleen
3. hangafaatti
4. wanti rawwate sun sababa maaliin akka raawwates
5. namfakkiilee



## Torban 2; guyyaa 2



### Gilgaala 8: Dubbisuun Booda

Kaayyoon shaakala kanaa inni guddaan barattoonni ergaa waan dubbisanii haalaan hubachuu isaanii lafatti mirkaneeffattudha. Kanaafuu, gaaffilee dhiyaataniif haala qajeelfamsaatiin akka deebii kennan taasisi. Gaaffii sadaffaa hojjechiisuuf asoosama dhiyaate dubbisaa akka hojjetan hordoffiifi deegarsa barbaachisu taasisiif.

### Deebii gilgaala 8

A.

1. I    2. G    3. L    4. E    5. A    6. D    7. B    8. J    9. K
10. C

B.

2. Asoosamni tokko walta`insa caacculee garaa garaarraa kan ijaaramu yoo ta`u caacculeen kunis jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessa, ergaafi ija jedhamuun beekamu. Qaamoleen kun hundi waltumsuun asoosama tokko guutuu taasisu.

3. Asoosamichi bilchina akka qabaatuufi hiika qabeessa akka ta'uuf gargaara.



### Gilgaala 9. Gadifageenyaan Dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni barruu tokko gadifageenyaan dubbisuun akka odeeffannoo barruu sana keessa jiru hubachuu danda'aniif kan isaan gargaarudha. Kanamalees, caacculee asoosamaa asoosama tokko keessa jiran akka qabatamaan barreeffama keessatti ilaalanii adda baafachuu danda'aniif isaan gargaara. Kanaafuu, barattoonni asoosamicha dubbisuun akka gilgaalicha haalaan deebisan akkasumas, caacculee asoosamaarratti akka hubannoo argataniif isaan deeggari. Deebii gaaffilee gilgaala 9 barattoonni dura ofiin erga kennaniin booda waliin ta'anii akka irratti mari'atan boodas akka dareef ibsan taasisi. Yaada isaanii bu'uura godhachuunis deebii sirrii ta'e gabatee gurraacha irratti barreessi.

#### Deebii gilgaala 9

1. Qajeelaa, Galaanaa, Beektuufi Caalaa
2. Finfinnee
3. Namfakkiifi mataasaa gidduutti, namfakkiifi namfakkii gidduutti
4. Sababii qaala'insa jireenya daldaltoonni uumaniin namoonni jireenya magaalaa dadhabanii gara baadiyaatti godaanuuf kan dirqaman ta'uu agarsiisa.

### Barannoo 4: Barreessuu



Torban 3; guyyaa 1



### Gilgaala 10: Tuqaalee Gargaaramuun Himoota Barreessuu

Tuqaaleen barreeffama tokko yookiin hima tokko guutuu taasisuu keessatti faayidaan isaan qaban guddaadha. Kanaafuu, qabiyyee kana jalatti tuqaalee tajaajila adda addaaf oolan kanneen akka tuqaa, mallattoo gaaffii, mallattoo raajeffannoo, qoodduu, qoodduu jabaa, mallattoo waraabiifi tuqlameef

xiyyeeffannoo kennuun faayidaa barreeffama keessatti qaban barattoonni akka hubatan taasisi. Otoo ofii kee itti hinhimiin dura barattoonni waan beekanirraa ka`anii haashaakalani. Booda yaada waliigalaa kennuun hubachiisi; yaadannoo kitaaba isaaniirra jirus dabtararratti haabarreeffatani.



## Torban 3; guyyaa 2



### Deebii gilgaala 10

- A. Kaayyoon gilgaala kanaa muuxannoo barattootaa gara qabiyyee barnootaatti fiduu waan ta`eef barattoonni waanuma beekan walitti himanii akka irratti mari`atan jajjabeessi.
- B. Gaaffilee gilgaala kanaa barattoonni daree keessatti haa hojjetani. Sirna tuqaalee barbaachisus haala kanaan galchuu isaanii mirkaneeffadhu (soroorsiif).
  1. Jamiilaan kaleessa eessa ooltee?
  2. Caalaan yeroo mana barumsaatii galu harmee isaa akka hojii manaa gargaaru itti himeera.
  3. Barattoota kutaa keenyaa keessaa kan akka Toltuu, Jamaal, Samiiraa, Haayimaanot, Gadaa, Biqiltuufi Malkaamuu barumsa jaallatu hinjiru.
  4. Abban Saaqaa ilmi isaa tokkoffaa baanaan “Ishoo! ilmaa koo baay`een sitti boone” jedhe.
  5. Aadaan mul`istuu saba tokkooti.
  6. “Namoonni kaleessa mana barumsaa hindhufne gadi bahaa” jedhe itti gaafatamaan mana barumsaa.
  7. Barumsi dhala namaaf gaariidha; jijjiirraa amalaa argamsiisa.
- C. Barattoonni himoota tuqaalee garaa garaa ofirraa qaban barreessuun hiriyyoota isaanii waliin akka waliif madaalan taasisi. Booda ofii kee duubdeebii kenni.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa - Jechoota Hiika Faallaa



Torban 4; guyyaa 1



Gilgaala 11: Jechoota Hiika Faallaa

### Deebii gilgaala 11 A

Lakk.	Jechoota faallaa	Jechoota faallaa	Firoomsuu	Haala ittiin walii faallomana
1	Kormaa	fudhachuu	kormaa x goromsa	Faallaa waliinlaa
2	dargaggeessa	Diilallaa`aa	Dargaggeessa x jaarsa	Faallaa sadarkaawaa
3	Bituu	salphaa	Bituu x gurguruu	Faallaa waliinlaa
4	Dukkana	goromsa	dukkana x ifa	Faallaa qaraa
5	Kennuu	Ifa	kennuu x fudhachuu	Faallaa waliinlaa
6	Ho`aa	Jaarsa	ho`aa x diilallaa`aa	Faallaa qaraa
7	Ulfaataa	Gurguruu	Ulfaataa x salphaa	Faallaa sadarkaawaa

**Gilgaala 11B:** Akkaataa qajeelfama kennameen hojjechiisi. Hojii isaaniis hordofuun deeggari. Boodas duubdeebii kenniif.

## Barannoo 6: Caasluga - Gaalee Maqibsii



Torban 4; guyyaa 2



Gilgaala 12: Gaalee Maqibsii

Kaayyoon qabiyyee kanaa barattoonni gaalee maqibsaa adda baafachuun barreeffama keessattis itti fayyadamuu akka danda`an taasisuudha. Kanaafuu, akka dhimma kanarratti hubannoo qabaataniif gargaarsaafi hordoffii barbaachisu godhiif.

**Barsiisaa/tuu:** Barattoonni akka gaalee maqibsaa sirriitti hubataniif muuxannoo isaaniifi fakkeenya kitaaba isaanii keessatti kenname bu`uura godhachuun haashaakalani. Yaadannichas haabarreeffatani. Boodas, gaalee fakkeenya kana bu`uura godhachuun uuman sirrii ta`uusaa ilaaluufiin mirkaneeffadhu.

- A. Barattoonni muuxannoo qabanirraa ka`anii waan hubatan erga himanii booda, yaada isaanii fakkeenyota kennamaniin akka walbira qabanii ilaalan jajjabeessi.
- B. Akkaataa qajeelfama kennameefiin gaalee maqibsi miiltoofi murteessituu garaa garaa ofirraa qabu akka barreessanii dhiyeessan taasisi. Hojii isaanii ilaaluufiin duubdeebis kenniif.



## Boqonnaa 5: Simannaa Keessummaa (Wayitii 8)



### Torban 1; Guyyaa 1



Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaa irratti barattoonni:

- ✘ maalummaa simannaa keessummaa yommuu gaafataman ni himu;
- ✘ durdurii Oromoo gaafatanii dhufuun kutaa keessatti afaaniin ni himu;
- ✘ barruu dubbisuuf dhiyaate keessaa odeeffannoowwan murtaa'oo ta'an dubbisuu ijaan butaadhaan barbaadanii ni himu;
- ✘ himoota dacha ni barreessu;
- ✘ jechoota hiika diigalaa qaban dubbachuufi barreessuu keessatti ni fayyadamu;
- ✘ himoota garagaraa dhihaatuuf keessaa gaalee gochimaa adda baasanii ni himuu ykn ni agarsiisuu;
- ✘ gaalee gochimaa ni barreessu.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

#### A) Dhaggeeffachuun Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota sadiitu dhiyaate. Inni jalqabaa jechoota haaraa gaafa dhaggeeffatan hubachuuf isaan rakkisa jedhamee yaadame barricha keessaa baasuun hiika isaanii wajjin akka irratti marri'attaniif. Inni lammaffaa otuu dhaggeeffataa jirani bakka duwwaa dhihaateef guuti. Dhumarratti hubannoo waliigalaa waan dhaggeeffatanirraa qayyabatan gaafatta. Kanaaf, shaakala hundayyuu barattoota akka hojjechiifan haata'u.



#### Gilgaala 1

##### A) Gaaffilee asiin gadiirratti mee yaadakee kenni.

As jalatti waan barattoonni jedhan hunduu sirriidha. Haasa'an keessan hunduu gara barruu keessummaa simachuu jedhutti isin fiduu qaba.

## B) Hiika Jechoota Barruu Dhaggeeffatame Keessaa Bahan

Barattoonni ogummaa dhaggeeffatanii hubachuu isaanii akka cimsataniif barruu “Keessummaa Simachuu” jedhu dubbisaafitii shaakala ogummicha cimsuuf gargaaru hojjechiisaa. Jalqaba ogummaa dhaggeeffachuu hubachuu isaaniif danqaa ta’uu kan danda’u jechoota ciccimoo barruu sana keessatti argaman ta’uu waan danda’aniif hanga ta’e achi keessaa bahee barattoonnis hiikasaa akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima waan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Faara = waan keessa ta’anii ykn miira keessa galanii yaadan, dubbatan, dalagan mara
- b) Afeerraa = waan nyaatamuufi dhugamu namni biraa akka qooddatu tolchuu
- c) Mana Sagadaa = mana keessatti waaqa waaqeffatan
- d) Akka Tasaa = otuu itti hinyaadiin waan ta’u
- e) Michummaa = hariiroo walfaana ta’uu, waljaallachuu, waldeeggaruu ilaallata
- f) Dinqisiifannaa = waan ta’e tokkoof beekkamtii kennanii dubbachuu, ajaa’ibsiifachuu



### Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisaa/tuu, amma barattootaaf barruu dubbistu; isaanis dhaggeeffachaa waan gilgaala lama jalatti dhiyaate dalagu. Barruu “Keessummaa Simachuu” jedhu kana yeroo sadii irra deddeebitanii dubbistuuf. Saffisniifi anniisaan sagalee dubbisaaf ittiin dhimma baatan kan guulame ykn tirataa ta’uu hinqabu. Jalqaba callisanii shaakala gilgaalichaa akka isaan barruulee isaaniirratti galagalataniifi yeroo tokka akka dubbisan itti himaa. Itti fufee, yommuu isin marsaa jalqabaa dubbistaniifi callisanii akka dhaggeeffatan quba qabsiisaa. Yeroo lammaffaa yommuu dubbisuufi jalqabdan isaan immoo shaakala dhiyaateef guutaa akka

dhaggeeffatan; yeroo sadaffaa yommuu dubbifamuufii immoo waan guutaa turan mirkaneeffachaa waan isaan jala darbee ture immoo xumurachaa akka dhaggeeffatan itti himaa.

### **Keessummaa Simachuu**

Yaadrimeen keessummaa simachuu jedhu, barruu kana keessatti hiikni isaa, namoota kanaan dura beeknus ta'ee hinbeekne gaafa arginu fuula ifaa, faara hiikkataa, afeerraa soorataafi eenyummaa nama simatamu sanaaf kabaja kennuu waan jedhu of keessatti qabata. Namoonni akkuma aadaa isaaniifi haala keessa jiraniin manatti, bakka hojiitti, mana sagadaatti, lafa boo'ichaatti, bakka gabaatiifi iddoowwan wal'argankamittiyyuu keessummaadhaan walsimachuu danda'u. Namni keessummaa ta'ee simatamuu danda'us nama dursanii walhinbeekne ykn walbeekan ta'uu danda'a. Namni tokko otuu karaa deemuu aduun itti dhihee ykn akka tasaa karaarra otuu deemuu dhibamee ykn sababa kamiinuu haalli keessa gale isa dirqisiisee, ofiisaan ykn karaa namaan gara mana nama walhinbeeknee tokkootti gorie keessummaa mana sanaa ta'uu danda'a. Gama biraanimmoo, sababa beekamuufi saganteeffameen namoonni walbeekan gara mana waliitti wal afeeranii, ykn afeerraa malee haalli jiruufi jireenyaa akka tasaa walitti isaan fidee keessummaa walii ta'uu danda'u. Keessummaadhaan namoota walbeekan jidduutti yeroo michummaa, waliif yaaduu, walbira dhaabbachuufi waliin gammaduu dheeressa. Namoota walhinbeekne jidduutti immoo, firummaa haaraa, maqaa gaarii, beekamtii, miira gammaduufi simatamummaa uuma.

Keessummaadhaan bakkaafi nama hunda biratti walfakkaataa miti. Bakkaafi nama tokko tokko biratti wanti akka duudhaa keessummaaf ta'uutti eegamu bakkaafi nama biraa birattimmoo sanarraa adda ta'a. Kanaaf, waa'ee keessummaadhaan gaafa kaafnu isa wajjin wanti beekamuu qabu aadaa biyyaa ykn naannoo sanaati. Aadaa tokko tokko keessatti namni tokko utuu hin afeeramin yoo mana namaa dhaqe rakkina hinqabu; kaan garuu dursanii beeksifamuu filatu. Bakka tokko tokkotti immoo, nyaata gaarii qaban maatii isaaniitiif utuu hinta'iin keessummoota isaaniitiif kennu; kaan garuu lamaanuu qixxuma ilaalu. Naannoo biraattimmoo namoonni afeeraman waa fidanii akka dhufan eegama; iddoo kaanitti garuu keessummoonni isaanii waa fidanii akka dhufan hinbarbaadan. Namoonni afeerraa isaaniif dhihaate takkaatti tole jedhanii akka hinfudhanneefi baay'ee kadhatamuun akka itti jiru aadaan jajjabeessus jira; aadaa biraa keessattimmoo

affeerraa diduun dirqisiifannaa dhabuu akka ta'etti waan fudhatamuuf dafanii tole jechuun akka itti jirutti fudhatama. Kanaaf, keessummuumaan milkaa'aa akka ta'uuf aadaa namoonni keessa jiraatan sana jabeessanii beekuun barbaachisaadha.

Barsiisaa/tuu, barattoonni dalagaa isaanii erga xumuranii booda, lama lamaan ykn sadi sadiin ta'anii waan dalagan akka walitti agarsiisan itti himaa; itti fufees waan irratti waliigalan dareef akka gabaasan itti himaa. Dhumarrattis, lakkoofsa 1-13 asiin gadiin jechoonni dhiyaatan hojii barattootaa keessatti hammatamuu isaa mirkaneessaa.

- 1) fuula ifaa 2) kabaja 3) manatti 4) bakka hojiitti 5) walhinbeekne 6) walbeekan 7) akka tasaa 8) dhibamee 9) dirqisiisee 10) beekamuufi 11) saganteeffameen 12) michummaa 13) waliif yaaduu



### Gilgaala 3

#### Dhaggeffachuun Booda

#### Deebii

1. Fuula ifaa, faara hiikkataa, affeerraa soorataafi eenyummaa nama simatamu sanaaf kabaja kennuu
2. Manatti, bakka hojiitti, mana sagadaatti, lafa boo'ichaatti, bakka gabaatiifi iddoowwan wal'argan kamiyyuu
3. Nama beeknus hinbeeknes simachuun ni danda'ama
4. Namoota walbeekan jidduutti yeroo michummaa, waliif yaaduu, walbira dhaabbachuufi waliin gammaduu dheeressa. Namoota walhinbeekne jidduutti immoo, firummaa haaraa, maqaa gaarii, beekamtii, miira gammaduufi simatamummaa uuma.
5. Aadaa namoonni keessa jiraatan sana jabeessanii beekuun



## Torban 1; Guyyaa 2



### Barannoo 2: Dubbachuu



#### Gilgaala 4

Walaloo Sirba Masqalaa kitaaba isaaniirratti dhiyaate yedeloo isaa wajjin yeroo lama dubbisaafii. Barattoonnis irra deddeebi’anii erga jedhanii booda afaaniin qofa akka jedhaniif jajjabeessaa.



## Torban 2; Guyyaa 1



### Barannoo 3: Dubbisuu

#### Dubbisa Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota garagaraatu dhiyaate. Gara dubbisichaatti otuu hingaliin dura gilgaala 5A irratti marii gaggeessaa. Waan barattoonni jedhan marti waan gara mata duree dubbisaatti isaan fiduufi waan dubbisaaniif isaan qopheessu akka ta’u gargaaraa.

Ogummaa dubbisuu barattootaa danquu kanneen danda’an jechoonni ciccimoon barruu sana keessatti argaman hanga ta’e gilgaala 5B jalatti adda bahanii dhiyaataniiru. Barattoonnis hiikasaanii akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima kan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Horii = kan irra yaabani ykn koranii bakka bakkatti deddeebi’an
- b) Geejjiba = lafarra ykn galaanarra ykn qilleensarra sosso’uuf kan tajaajilu
- c) Aarsaa = waan tokko galmaan ga’uuf gatii baafamu,
- d) Buufachuu = turtii yeroo muraasaa nama bira godhacuu

- e) Imala = deemsa, bakkaa bakkatti sosso'uu
- f) Miiltoo = nama wajjin imalan ykn deeman
- g) Oofuu = horii offaana qabatani deeman deemsisuun oofuu jedhama
- h) Waawuu = lakki, hinta'u jechuudha
- i) Garasaa = waan isa baasu, fala
- j) Dallansuu = mufannaa, gammachuu dhabuu
- k) Hayyama = itti waliigaluu, tole jechuu



### Gilgaala 6

Barsiisaa/tuu, amma barattoonni barruu dubbisu; otuu dubbisanis waan gilgaala ja'a jalatti dhiyaate dalagu. Waan gilgaalicha jalatti dhiyaate yeroo tokko ilaalanii gara dubbisaa akka dhaqan itti himaa. Barattoonni saffisaafi callisaan dhuunfaa isaaniitiin akka dubbisan gargaaraa. Deebiin gaaffilee gilgaala ja'aas kunooti.

#### Gaaffii imalaan nabalchaa jedhee gaafatuuf deebii kennamuufiifi akkaataa keessummaa'uu

<b>Deebii 1ffaa</b>	<b>Akkaataa Keessummaa'uu</b>
Waawuu sinbulchu	mana nama biraa akka gaafatan itti himama
<b>Deebii 2ffaa</b>	<b>Akkaataa Keessummaa'uu</b>
dallanaa ykn mufataa akka imalaan bulu hayyama	-haasa'aan hinjiru
	-sooranni ni jira,
	-bakki ciisaa ni jira
	-imalaan bilisa miti
<b>Deebii 3ffaa</b>	<b>Akkaataa Keessummaa'uu</b>
'bulaa manni kan waaqi' maaloo koottaa seenaa; manni kan waaqaati	-Bishaan miillaa dhiheessuu
	-Haasa'aa ho'aa, seenaa beekamaa, baacoowwan taasisuu
	-buna danfisuu
	Soorata manaaf qophaa'erra caalaa mi'eessanii dhiheessuu
	bakka ciisaa gaaromsanii qopheessuu



## Torban 2; Guyyaa 2



### Dubbisa Booda

Barsiiaa/tuu, bakka kanatti barattoonni waan dubbisan sirriitti hubataniiru jedhamee abdatama. Kanaafis, gilgaalota dubbisicha keessaa bahan akka dalaganiif gargaaraa.



### Gilgaala 7

#### Deebii

- 1) Keessummaa simattee waan nyaachiftee obaaftu yoo dhabdeyyuu, bakka gaarii aftee ciibsitu yoo dhabdeyyuu, garuu afaan jaalalaafi haala keessummaan itti gammaduun yoo simattee isa kanatu caala ergaa jedhu ofirraa qaba.
- 2) Namoonni firummaa addaa qopheessanii gara fuula duraatti fira waliin jedhanii walgaafatu, walitti deemu, rakkoowwan irratti walbira dhaabbachuun jireenya hariiroo gaarii qabu walfaana itti fufu
- 3) Fedhii malee simachuu
- 4) miira nama isaan simate sanaa gaafa argan
- 5) Afaan. Ragaan: Mammaaksa “Afaan gaariin afaa gaarii caala” jedhu



### Gilgaala 8

#### Deebii

- |           |          |
|-----------|----------|
| 1) Soba   | 8) Soba  |
| 2) Soba   | 9) Soba  |
| 3) Soba   | 10) Soba |
| 4) Dhugaa |          |
| 5) Soba   |          |
| 6) Soba   |          |
| 7) Dhugaa |          |



## Torban 3; Guyyaa 1



### Barannoo 4: Barreessuu

Barsiisaa/tuu, barattoonni himni dachaa maal akka ta'e hubannaa akka argatan gargaaraa. Kanaaf yaadrimee hima dachaarratti isiniif dhiyaate kana dubbisaa.

#### Hima Dachaa

Himni dachaan kan xumura lamaafi isaa ol qabaachuu danda'u, kan himoota of danda'oo lamarraa ijaaramu, kan raawwii ykn gocha lamaafi isaa ol ibsuu danda'u, jecha birootiin kan himoota salphaa lamarraa ijaaramudha.

Fakkeenyaaf:

A) Marartuun gabaa deemtee buna gurgurtee galte.

Hima 'A' keessa himoota salphaa /ciroo of danda'oo/ sadiitu jira.

1. Marartuun gabaa deemte.
2. Marartuun buna gurgurte.
3. Marartuun galte.

Himoota 1-3 kanneen qofa qofaa yoo ilaalle himoota of danda'oo mathima tokkoofi gochima tokko qabanidha. Yaada qofa qofaa jiran kana walitti qabuudhaan yookiin walitti dachaasuun himni dachaa ijaarama.

B) Barsiisaan daree seenee bahe.

- 1) Barsiisaan daree seene.
- 2) Barsiisaan dareerra bahe



### Gilgaala 9

A) **Deebii**

a) Yaadaniin gabaa deemtee galte.

Mathima = Yaadaniin



Gochima = deemte, galte

- 1) Badhaasaan mana bitee obbeleessaaf kenne.

Mathima = Badhaasaa

Gochima = bite, kenne

- 2) Obbo Araarsoon magaalaa dhaqee dhugee machaa'e.

Mathima = Obbo Araarsoo

Gochima = dhaqe, dhuge, machaa'e

- 3) Bokkaan roobee manoota hedduu jigse.

Mathima = Bokkaa

Gochima = roobe, jigse

- 4) Margaan foon dheedhii nyaatee dhibame.

Mathima = Margaa

Gochima = nyaate, dhibame

- 5) Abdiisaan Finfinneetti dhalatee guddate.

Mathima = Abdiisaa

Gochima = dhalate, guddate

- 6) Toltuun Yuunivarsiitii Jimmaatti barattee eebbifamte.

Mathima = Toltuu

Gochima = baratte, eebbifamte

- 7) Horiin Booranaa bishaan dhabanii dhumani.

Mathima = Horii Booranaa

Gochima = dhaban, dhuman

- 8) Boruun sangaa foonii bitee qale.

Mathima = Boruu

Gochima = bite, qale

9) Ammayyuun barnoota eegale dhaabee gale.

Mathima = Ammayyuu

Gochima = eegale, dhaabe, gale

10) Gaaromeen nyaata qopheessitee daftee dhiheessite.

Mathima = Gaaromee

Gochima = qopheessite, dhiheessite



## Torban 3; Guyyaa 2



### B) Deebii

- 1) Fufaan barnoota xumuree hojii eegale.
  - a. Fufaan barnoota xumure.
  - b. Fufaan hojii eegale.
- 2) Amanuun Kooviidii dhukkubsatee fayye.
  - a. Amanuun Kooviidii dhukkubsate.
  - b. Amanuun fayye.
- 3) Eebbisaan Jimma gadhiisee Finfinnee gale.
  - a. Eebbisaan Jimma gadhiise.
  - b. Eebbisaan Finfinnee gale.
- 4) Caaltuun ganamaan kaatee ciree qopheessitee nyaattee gara mana barumsaa deemte.
  - a. Caaltuun ganamaan kaate.
  - b. Caaltuun ciree qopheessite.
  - c. Caaltuun ciree nyaatte.
  - d. Caaltuun gara mana barumsaa deemte.
- 5) Ganamaan ka'ii koottu.
  - a. Ganamaan ka'i.
  - b. Ganamaan koottu.

- 6) Dammalaash hojii manaa Afaan Oromoo xumuree dhufe.
  - a. Dammalaash hojii manaa Afaan Oromoo xumure.
  - b. Dammalaash dhufe.
- 7) Almaaz Finfinneetti galtee furdatte.
  - a. Almaaz Finfinneetti galte.
  - b. Almaaz furdatte.
- 8) Karaan konkolaataa baadiyyaa sun caccabee bade.
  - a. Karaan Konkolaataa baadiyyaa sun caccabe.
  - b. Karaan Konkolaataa baadiyyaa sun bade.
- 9) Lolaan mana isaanii cabsee galee waan baay'ee balleesse.
  - a. Lolaan mana isaanii cabse.
  - b. Lolaan mana isaanii gale.
  - c. Lolaan waan baay'ee balleesse.
- 10) Hambisaan buna dhugee deeme.
  - a. Hambisaan buna dhuge.
  - b. Hambisaan deeme.



## Torban 4; Guyyaa 1



### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

#### Jechoota Digaalaa Afaan Oromoo

Jechoonni digaalaa ykn tishoo jechoota lamaafi isaa olirraa uumamanii hiika tokko qofaa kan qabanidha. Jechoonni walitti dhufanii jechoota digaalaa uuman kunneenis gaafa walitti dabalaman dhamsagoonni keessaa hir'achuu ykn hir'achuu dhiisuu danda'u.

Akkasumas jechoota walitti dhufanii jechoota digaalaa uuman lameen jidduu isaan tokko tokkof sarara xiqqaa (-) kaa'uun yoo barbaachisu isaan kaan garuu hinbarbaadan.



## Gilgaala 10

### Jechoota Walitti Dhufan

### Jecha Uumame

### Hiika

1) As + aanaa siqu	asaanaa	kan garanatti
2) Bor + oolee booda, iftaan	boroolee	guyyaa borii
3) Fuula + dura deeman	fuuldura	kallattii itti
4) Mataa + jaboo midhaanii, aajjaa	matajaboo	gosa
5) Bor + tolaa gaarii	bortolaa	kan egereen
6) Miila + jala gara itti miilli jiru	miiljala	gaafa rafaan
7) Waaqa + wayyaa dachuu	waaqwayyaa	waaqaan ab-
8) Kennaa + isaa kenne	kennasaa	waan inni
9) Waaqa + uumaa	waaqumaa	uumaan waaqa
10) Saree + diidaa gosa saree, Wangoo	sardiida	bineensa



## Torban 4; Guyyaa 2



### Barannoo 6: Caasluga

Gaaleen gochimaa gaalee mataan isaa gochima ta'edha. Gaaleen gochimaa akkuma gaaleewwan biroo miiltoowwaniifi murteessituu qaba. Mataan gaalee gochimaa gochima waan ta'eef gaalicha keessaa hafuu hindanda'u. Gaaleen

gochimaa mataan isaa xumura gaalee sanaarratti argama. Miiltoofi murteessituun akka qaama gaalee gochimaatti gaalicha keessa jiraachuufi jiraachuu dhiisuu nidanda’u. Miiltoon gaalee gochimaa dirqama gaalicha keessa kan jiraatu yoo mataan gaalee sanaa gochima ta’umsaa ta’edha.

Fkn;

A) Kan argitu sun [muka.]

Fakkeenya ‘A’ keessatti kan hammattuu keessa jiru gaalee gochimaati. Mataan gaalee sanaa gochima ta’umsaa kan ta’e ‘dha’ kan jedhudha. Mataan gaalichaa keessaa hafee, garuu miiltoon hafuu hindandeenye. Kun gaalee gochimaa gaafa mataan gochima ta’umsaa ta’udha. Miiltoon gaalee gochimaa gosa gochimootaa irratti hundaa’ee garaagara.

a) **Yoo gochima Mit-ce’oo ta’e**

Gochimoonni mit-ce’oo ta’an miiltoon isaanii gaalee durduubeeti.

Fkn;

- 1) Inni [[mana keessa] oole]
- 2) Inni [[manatti] gale]
- 3) Isheen [[gara mana barumsaa] deemte]

Himoota 1-3 kana keessatti hammattuun inni bal’aa gaalee gochimaa yoo ta’u hammattuun inni keessaa immoo miiltoodha. Miiltoon kunis gaalee durduubeeti.

b) **Yoo gochima ce’oo ta’e**

Gochimoonni ce’oo ta’an miiltoon isaanii gaalee maqaati. Gochimoonni akkasii irraawatama ykn antima isaanii akka miiltoo isaaniitti fudhatu. Irraawwatamni dalgees dabalataan miiltoo isaanii nita’a. Irraawwatamni dalgee kunis gaalee durduubeeti.

Fkn;

- 1) Badhaasaan [[[Loomituutti [dhoksicha] hime]
- 2) Barsiisaan [[[baratichaaf [badhaasa] kenne]
- 3) Gurmeessaan [[bineensicha] ajjeese.]

Himoota 1-3 kana keessatti hammattuun inni bal’aa gaalee gochimaa, hammattuun inni isatti aanee jiru miiltoo irraawwatamni gaalichaa gaalee maqaa ta’e yoo ta’u hammattuun inni keessaa immoo miiltoo irraawwatama dalgeeti. Miiltoon irraawwatama dalgee kunis gaalee durduubeeti.

c) **Yoo gochima ta’umsaa ta’e**

Mataan gaalee yoo gochimni ta'umsa ta'e gaalicha keessa mataan jiraachuus dhiisuus ni danda'a. Miiltoon garuu hafuu hindanda'u. Miiltoon isaanii kunis maqaa ykn maqibsii ta'a.

Fkn;

1. Margaan [[barataa]dha]
2. Sun [nama]
3. Namichi [[cimaa] dha]
4. Kitaabichi [[gaarii] miti]

Gosoonni gochimaa miiltoo fudhachuudhaan a-c addadda baafaman kun miiltoon jedhames miiltoo sadarkaa tokkoffaati. Miiltoon sadarkaa lammaffaa garuu gosoota gochimaa hundaafuu haala walfakkaatuu xumibsiitoota tajaajila yeroo, bakkaa, haalaafi meeshaa kan kennanidha. Xumibsiitoonni kun gaalee maqaa ykn gaalee durduubee yoo ta'an tajaajila xumibsa kennu. Fkn;

- 1) Bineensicha [eeboodhaan] ajjeese.
- 2) Boontuun [kaleessa] dhufte.
- 3) Barattoonni sun [suuta] dhufan.
- 4) Caalaan [Finfinnee] dhaqe.

Himoota 1-4 keessatti kanneen hammattuu keessa jiran miiltoo sadarkaa lammaffaa gaalee gochimaati.



## Gilgaala II

**A) Himoota armaan gadii keessaa gaalee gochimaa adda baasii. Fakkeenya kenname hordofii dalagi.**

Fkn;

a) Yoomiif meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate.

Gaalee gochimaa = [meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate]

1) Obbo Tolaan Toltuuf bullukkoo kenne.

Gaalee gochimaa = [Toltuuf bullukkoo kenne]

2) Gaaddisaan rasaasaan rukutame.

Gaalee gochimaa = [rasaasaan rukutame]

- 3) Gurmuun waa'ee dhimmichaa obboleettii isaatti imaanaa kenne.

Gaalee gochimaa = [obboleettii isaatti imaanaa kenne]

- 4) Barattoonni yuunivarsitichaa hunduu aritiidhaan bahan.

Gaalee gochimaa = [aritiidhaan bahan.]

- 5) Biqiltuun yuunivarsiiticha keessaa gaariidha.

Gaalee gochimaa = [gaariidha]

- 6) Wanti dhedheeraan sun muka.

Gaalee gochimaa = muka

- 7) Jarreen bosona ciran.

Gaalee gochimaa = bosona ciran

- 8) Barattoonni gara maatiitti bor galu.

Gaalee gochimaa = gara maatiitti bor galu

- B) Himoota gilgaala 11 'a' keessaa mataafi miiltoo gaalee gochimaa adda baasii barreessi. Fakkeenya dhihaate hordofii dalagi.**

**Fkn:**

- a) Yoomiif meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate.

Mataa gaalee= fudhate

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = madaaliyaa warqee

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = meetira kuma kudhaniin

- 1) Obbo Tolaan Toltuuf bullukkoo kenne.

Mataa gaalee= kenne

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = bullukkoo

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = Toltuuf

- 2) Gaaddisaan rasaasaan rukutame.

Mataa gaalee= rukutame

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = hinjiru

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = rasaasaan

- 3) Gurmuun waa'ee dhimmichaa obboleettii isaatti imaanaa kenne.

Mataa gaalee= kenne

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = imaanaa

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = obboleettii isaatti

- 4) Barattoonni yuunivarsitichaa hunduu aritiidhaan bahan.

Mataa gaalee= bahan

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = hinjiru

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = ariitiidhan

- 5) Biqiltuun yuunivarsiiticha keessaa gaariidha.

Mataa gaalee= dha

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = gaarii

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = hinjiru

- 6) Wanti dhedheeraan sun muka.

Mataa gaalee= hinmul'atu (dha)

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = muka

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = hinjiru

- 7) Jarreen bosona ciran.

Mataa gaalee= ciran

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = bosona

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = hinjiru

- 8) Barattoonni gara maatiitti bor galu.

Mataa gaalee= galu

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = hinjiru

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = gara maatiitti, bor



## Boqonnaa 6: Aadaa (Wayitii 8)

### 1. Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✍ yaada barruu dhaggeeffatanii waan beekaniin walbira qabanii madaalu;
- ✍ aadaa mataa mataa isaanii walitti himu;
- ✍ mataduree kennameefii irratti sodaa malee falmii nigaggeessu;
- ✍ barruu dhiyaate dubbisuun yaada isaa ni ibsu;
- ✍ gahee aadaan eenyummaa namaa keessatti qabu nidinqisiifatu;
- ✍ hima ciroo ofdanda`aafi hirkataa ofkeessaa qabu nibarreessuu;
- ✍ jechoota garaa garaarraa jecha makoo ni uumu;
- ✍ gaalee durduubee nibaru.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Torban 1; guyyaa 1



#### Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan dhaggeeffachuuf deemanirratti muuxannoo hamma ammaatti qaban waliin walqabsiisuuf. Kunis, waan beekaniin walsimsiisuun dhaggeeffachuuf isaanii salphata jedhamee waan yaadamuuf. Kanaafuu, gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattoonni soda tokko malee akka yaada isaanii kennaniif jajjabeessuun deeggarsa barbaachisaa ta`e godhiif. Bakka kanatti deebiin siirriidha yookiin dogoggora jedhamu hinjiru. Deebii sirrii kan argachuu danda`an yeroo barruu sana dhaggeeffatanidha.

**Deebii gilgaala 1A:** Yaaliin barattoota hundaa akka deebiitti fudhatama.

**Deebii gilgaala 1B:** 1. hunda 2. mul`istuu 3. tarreessuu 4. nyaatamu



#### Gilgaala 2: Yeroo Dhaggeeffachuu

- ✓ Otoo dhaggeeffachuu hinjalqabiin barattoonni gaaffilee gilgaala 2A jala jiran akka dabtara isaaniirratti galagalwatan itti himi.
- ✓ Barsiisa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

- Mataduree barruu dhaggeeffannaaf qophaa`ee “Nyaata Aadaa” jedhu gabatee gurracharratti barreessi.
- Barattoonni barruu ati dubbistuuf callisaan dhaggeeffachaa gaaffilee gil-gaala 2A jala jiraniif bakka duwwaa kenname akka guutan itti himi.
- Barruu matadureensaa “Nyaata Aadaa” jedhu hubannoo barattootaa irratti hundaa`uun yeroo 2 yookiin 3 irra deebi`ii dubbisiif.
- Boodas deebii isaanii kan hiriyyoota isaanii waliin walbira qabanii akka madaalan carraa kenniif. Isa booda guutummaa dareef akka ibsan taasisi.
- Deebii isaanii bu`uura godhachuun deebii isa sirrii ta`e gabatee gurracharratti barreessiif.

### **Nyaata Aadaa**

Aadaan akkaataa jiruufi jireenya saba tokkoo mara kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf, ijoolleen maatii kabajuun, quxusuun hangafa kabajuun aadaadha. Sabni kamuu aadaa mataa isaa qaba. Aadaan saba hundaas walqixa. Sabni tokko saba isa biraarraa, biyyi tokkos biyya isa biraarraa karaan ittiin adda bahee beekamu hedduun jiraatus aadaan isa tokko. Kanaafuu, aadaan calaquisiistuu maalummaa uummata tokkooti jedhama.

Gosoonni aadaa hedduudha. Aadaawwan uummanni qabu keessaa muraasa kaasnee yoo ilaalle aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa uffannaa, aadaa waaqeffannaafi galateeffannaa, aadaa ittiin aangoo walitti kennaniifi fudhatan eeruun nidanda`ama. Sabni kamuu jiruufi jireenya isaa keessatti waan dalagu mara sirna ittiin geggeessu, kan safuufi safeeffannaa of keessaa qabudha.

Nyaanni aadaa gosa nyaataa adeemsa aadaa hordofuun qophaa`ee sooratamudha. Sabni kamuu nyaata aadaa mataa isaa kan qabu yoo ta`u innis sabarraa sabatti garaagarummaa niqabaata. Gosoonni nyaata aadaa kunis hedduu ta`uurraan kan ka`e kan saba hundaa bakka tokkotti fidnee ilaaluun ulfaataadha. Kanaafuu, kan saba Oromoo akka fakkeenyaatti fudhannee haa ilaallu. Nyaannii aadaa Oromoo baayyeensaa dhadhaa of keessaa qaba. Kun immoo Oromoon loon waan sirriitti qabuuf, dhadhaadhaan nyaata isaa mi`eessee nyaata. Nyaata aadaa Oromoo beekkaman keessaa: waaddii, ancootee, baaduu, marqaa, caccabsaa, buddeena, cororsaa, qorii, cuukkoo, cumboo, irra dibaa, laaffisoo, cuuphaa, buna qalaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda`ama.

## Deebii gilgaala 2

1. aadaan
2. aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa uffannaa, aadaa waaqeffannaafi galateeffannaa, aadaa ittiin aangoo walitti kennaniifi fudhatan
3. nyaata aadaa
4. dhadhaa
5. waaddii, ancootee, baaduu , marqaa, caccabsaa, buddeena, cororsaa, qorii, cuukkoo, cumboo, irra dibaa, laaffisoo, cuuphaa, buna qalaa



## Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

### Deebii gilgaala 3

- A. 1. F 2. G 3. B 4. K 5. L 6. M 7. A 8. C 9. J 10. I. 11. H  
12. D 13. E
- B. 1. C 2. A 3. B 4. A
- C. Gulantaa kana jalatti barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu dalaganii qayyabataniin muuxannoo isaanii guddifachuu akka danda`an iddootti taasisudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannoof dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaffiwwan gilgaala 3B jala jiran deebii tokkoofi tokko qofa hinqabaatani. Iddoon kun bakka yaanni dhuunfaa itti calaquisu waan ta`eef barattoonni tokkoo tokkoon gaaf fileetiif akka yaada mataa isaanii calaqisiisan taasisi.

## Barannoo 2: Dubbachuu



## Torban 1 ; guyyaa 2



## Gilgaala 4: Fakkii Ilaaluun Dubbachuu

Kaayyoon qabiyyee kanaa inni guddaan barattoonni fakkii tokko ilaalanii waan hubatan yaada mataa isaaniitiin ibsachuu akka danda`an taasisuudha. Kanaafuu, barattoonni hundi kallatti adda addaan fakkii kennameef hubachuu danda`u waan ta`eef haala walfakkaatuun deebii kennuu dhiisuu nimalu. Dhimmi guddaan

akkaataa galeefiitti dubbachuu danda`uu isaaniiti. Kanaafuu, barattoonni gaaffilee dhiyaateef fakkii sana ilaalanii akka irratti mari`ataniif deeggarsa barbaachisu taasisiif. Boodas, yaada isaanii dareef akka ibsan carraa kennif. Dhumarratti garuu maqaa fakkiilee nyaata aadaa sanaa gabateerratti barreessiif. Maqaaleen fakkiilee sanaas akkaataa gadiin tarreeffamaniiru:

1. Cororsaa
2. Hancootee
3. Qorii
4. Cuukkoo
5. Marqaa
6. Buna qalaa



### Gilgaala 5: Falmii Gaggeessuu

Gilgaalli kunis barattoonni ogummaa dubbachuu isaanii akka gabbifataniif yaadamee kan qophaa`edha. Kanaafuu, barattoota daree keessaa garee “A” fi “B” tti qooduun yaada falmiif qophaa`e lamaan akka irratti qophaa`anii dhufaniif qoodiif. Isa booda seera falmiin hordofee gaggeeffamu hordofuun barattoonni fuulduratti bahanii falmii haagaggeessani. Barattootuma keessas abbootii seeraa walfalmisiisani qabxii kennan qopheessi.

### Barannoo 3: Dubbisuu



### Torban 2; guyyaa 1



### Gilgaala 6: Dubbisuun Dura

Kaayyoon shaakala kanaa inni guddaan barattoonni barreeffama dubbisuuf deeman muuxannoo qabaniin akka walqabsiifataniifi. Kanaafuu, muuxannoo qaban soda malee waliin mari`achuun akka dareefis ibsan jajjabeessi. Shaakala kana jalatti gilgaalli 6A deebii garaa garaa qabaachuu waan danda`uuf yaada barattoota hindaangessiin. Gilgaalli 6B garuu yeroo dubbisan jechoota gufuu itti ta`uu danda`anidha jedhamanii waan yaadamaniif erga isaan tilmaamanii booda hiika sirrii ta`e otoo dubbisuu hineegaliin gabatee gurraacharratti barreessiif.

- Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala

barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

### Deebii gilgaala 6B:

1. nyaata aadaa garbuufi dhadhaarraa hojjetamu
2. mi`eessituu urgooftuu adda addaa, soogiddaafi mimixarraa hojjetamu
3. gosa urgeessituu



### Gilgaala 7. Yeroo Dubbisuu

#### Deebii gilgaala 7

1. cuukkoon nyaata aadaa yeroo tokko tokko hojjetamu ta`ee adeemsa ittiin hojjetamus kan qabu ta`uu
2. Garbuufi dhadhaa
3. bishaan tuqsiisuufi harkaan tuttuquurraa ofeeggachuu qaba
4. yeroo dheeraaf
5. qophiin nyaata cuukkoo jalqabaa hanga xumuraatti maal akka fakkaatu agarsiisa.

### Barannoo 3: Gadifageenyaan Dubbisuu



### Torban 2; guyyaa 2



### Gilgaala 8: Dubbisuun booda

Shaakalli kun barattoonni dubbisicha irra deebi`anii gadifageenyaan dubbisuun yaada isaa akka qayyabatan kan taasisudha. Kanaafuu, barattoonni hundi barreeffamicha callisaafi suutaan erga dubbisanii booda gaaffiileef akka deebii kennan taasisi.

1. kan Oromoo
2. garbuu, dhadhaafi mi`eessituuwwan
3. dura garbuu qola irraa baasee akaawuun daaksisuu, erga daaksisees gin-

gilchuu, daakuu hamma barbaadu meeshaa gogaatti naqee mi'eessituu un walmakuu, dhadhaa baqeeru itti naquun sukkuumuufi xumurarrattis meeshaa qooratti naqee kaahuu.

4. qolli isaa irraa bahuun, akka bassootti akaawaamuun gingilchamuun
  5. yeroo ayyaana waggaa, yeroo namni karaa deemu, yeroo nama gaafatan, yeroo keessummaan kabajaa namatti dhufu
- A. Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan kutaatti dubbisan muuxannoofi haala qabatamaa naannoo isaaniitiin walsimsiisanii akka madaaluu danda'an kan taasisudha. Kanaafuu, gaaffilee gilgaala kana jalatti eeramaniif deebii garaa garaa qabaachuu nidanda'u. Waanta'eefis, sodaa tokko malee akkaataa muuxannoo isaaniitiin, hubannoo barreeffama dubbisanirraa argataniifi odeeffannoo maatii isaaniirraa argataniin akka yaada isaanii ibsan taasisi. Bakka barbaachisaa ta'ettis deeggari.

## Barannoo 4: Barreessuu

Himoota ciroo ofdanda'aafi hirkataa ofkeessaa qaban barreessuu



### Torban 3; guyyaa 1



#### Fakkeenya

1. **Yoo har`a mana barumsaa hafte**, qormaataatu si darba.
2. **Erga gabaa geenyee**, roobni robe.
3. **Otoo gaarii taatee**, nama hinhamattu.
4. **Otoo sirriitti fiigdee**, ni injiffatta.
5. **Namni dubbisu**, qabxiinsaa gaariidha.

Akkuma argitan himoota armaan olii keessatti kanneen gurraacha'anii barreeffamanii jiran ciroo hirkataa yommuu ta'an, kanneen hingurraachofne immoo ciroo ofdanda'oodha.



## Deebii gilgaala 9

A.

1. Waan beela`eef, laaqana nyaate.
2. Yoo gara biyyaa deemte, nagaa itti naahimi.
3. Dhufuu barbaadnaan, karaan banaadha.
4. Kan hinqaanofne, nama qaanessa.
5. Ijji gamnaa, dursee boo`a.

Himoota armaan olii keessatti kanneen yeroo tokko jala sararaman ciroo hirkataa yommuu ta`an kanneen yeroo lama jala sararaman immoo ciroo ofdanda`oodha.



## Torbana 3; guyyaa 2



B. Barattoonni himoota ciroo hirkataafi ofdanda`aa qabu 10 ijaaruun, gosa ciroosaas adda baasanii akka agarsiisan taasisi. Hima barattoonni ijaaranii fidanis soroorsuun barattootaa hundaaf duubdeebii kenni. Himoonni barattoonni ijaaranis garaa garummaa waan qabaatuuf akkataa qajeelfamichaan hojjechiisi.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa (Jechoota Hiika Makoo)



## Torban 4; guyyaa 1



## Deebii gilgaala 10

A.

Haaluma qajeelfama kennameen, barattoonni muuxannoofi fakkeenya kitaaba isaanii keessatti isaaniif kennamee jiru irratti hundaa`uun akka jechoota makoo hubatan taasisi.

B.

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni jechoota garaagaraa lamarraa jecha haaraa uumuu danda`an taasisuu waan ta`eef barattoonni waliin ta`anii akka mari`achaa uuman jajjabeessi. Yaada isaaniis dareef haa ibsan.

1. gola
2. beela
3. reebe
4. gagaa
5. kute

C.

Barsiisaa/tuu: jechoota haaraa barattoonni uuman hiika qabeessaafi hiika dhabeessa ta`uusaa addaan baasuun duubdeebii kenniif. Bakka kanatti deebiin dhufu garaa garummaa qabaachuu nimala ta`us jechi uumamu kan hiika qabu ta`uu qaba.

## Barannoo 6: Caasluga (Gaalee durduubee)



### Torban 4; guyyaa 2



Kaayyoon qabiyyee kanaa barattoonni gaalee durduubee addaan baafachuun bakka barbaachisaa ta`etti akka itti fayyadamuu danda`an taasisuudha. Kanaafuu, fakkeenyawwan kitaaba isaaniirratti kennameef haalaan dubbisanii erga hubatanii booda achirratti hundaa`uun akka gaaffilee gilgaala 11 hojjetan taasisi. Hordoffiin keefi deeggarsi kee bakka kanatti haalaan waan isaan barbaachisuuf duukaa bu`i.



### Deebii gilgaala 11

D.

1. harkaan      **{-an} (hirkataa)**
2. mataatti     **{-tti} (hirkataa)**
3. manarraa    **{-rraa} (hirkataa)**
4. erga bitee    **erga (ofdanda`aa)**
5. waliin deeme **waliin (ofdanda`aa)**

E. : Dhimmi gilgaala kanaa inni guddaan barattoonni gaalee durduubee ofdanda`oofi hirkatoo gargaaramuun gaalee uumuu akka danda`an taasisuudha. Kanaafuu, barattoonni gaalee barreessanii fidan ilaaluun duubdeebii kenniif.



## Boqonnaa 7: Barnoota Hammattoo (Wayitii 8)

### 1. Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✗ barruu dhaggeeffachuun yaada isaa cuunfuun niqopheessu;
- ✗ dhimma kennameefirraatti dubbii nigaggeessu;
- ✗ kaayyoo barruu dubbisanii addaan nibaafatu;
- ✗ qaamota keeyyataa addaan nibaasu;
- ✗ akaakuu hiika jechoota waliin deemanii addaan nibaasu;
- ✗ ciroofi akaakuu isaa addaan nibaafatu.



### Torban 1; guyyaa 1



### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



### Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun dura

#### Deebii gilgaala 1A.

Deebiin barattoonni tilmaaman hundi fudhatama qaba. Sababiin isaas kaayyoon shaakalichaa inni guddaan akka barattoonni muuxannoo isaanii gara barreeffama dhaggeeffachuuf deemaniitti fiduudha waan ta'eef. Kanaafuu, sodaa malee waan yaadan akka dubbatan jajjabeessi. Fakkii aadaa sabaafi sablammii agarsiisu ilaalchisuun erga isaan tilmaammii isaanii ibsanii booda haala isaan hubachiisuu danda'uun sabaafi sablammiin adda addaa kan aadaa garaa garaa qabu akka kabajaan waliin jiraachuu danda'u ibsiif.

- Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa'uun gaaffilee dubbisiif.

#### Deebii gilgaala 1B

1. aadaa hedduu /danuu
2. hirmaachuu
3. eeguu /akka hinbanne taasisuu

### Aad-heddummaa

Jechi tishoo aad-heddummaa jedhu jechoota `aadaa` fi `hedduu` jedhanirraa kan dhufe yoo ta`u hiikni isaas aadaa hedduu jechuudha. Aad-heddummaan sabaafi sablammii naannoo tokko yookiin biyya tokko keessa jiraatan gidduutti danoomina aadaa kan agarsiisudha. Danoominni kunis gama aadaa nyaataan, aadaa uffannaan, aadaa fuudhaafi heerumaafi kkf, ta`uu danda`a. Aad-heddummaa keessatti sabaafi sablammiin aadaa garaa garaa qabus aadaa isaa waliif kabajee kan mataa isaa kunuunfachuun walqixxummaan waliin jiraata.

Biyya aad-heddee taate keessa sabni jiraatu aadaa garaa garaa qabaachuusaatiin waanti miidhaa irraan gahu hinjiru. Aadaan hedduun biyya tokko keessa jiraachuunsaa akka midheeginaatti malee akka carraa badaatti ilaalamuu hinqabu. Sabni aadaa garaa garaa qabu kun jireenya isaa keessatti walitti dhufee dhimmoota garaa garaa waliin qooddachuu irratti waanti isa daangessu homtuu hinjiru. Fakkeenyaaf, mana amantii tokko waliin qooddachuu, mana yaalaa waliin fayyadamuu, gabaa tokko bahuu, mana barumsaa tokkotti waliinbarachuu, hawwaasummaa garaa garaa irratti waliif qaqqabuu, dhimma biyyaarratti waliin hirmaachuufi kan kana fakkaatan irratti waliin qooda fudhachuurratti gufuu itti hinta`u.

Gabaabumatti, aad-heddummaan biyya tokko keessaa jireenya aadaa hedduu agarsiisa. Haata`umalee, sabni aadaa garaa garaa qabu kun waliin jiraachuurratti rakkoo akka hinqabneefi aadaaleen garaa garaa kunis walqixa kunuunfamarii waliin jiraachuu kan danda`an ta`uu quba nuqabsiisa.



### Gilgaala 2: Yeroo dhaggeeffachuu

#### Deebii gilgaala 2

1. naannoo tokko yookiin biyya tokko
2. dhimmoota garaa garaa irratti qooda fudhachuurraa
3. rakkoo
4. walqixa kunuunfamarii
5. waanti miidhaa irraan gahu



### Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

#### Deebii Gilgaala 3

##### A.

1. Soba. Sababiinsaas jechoota `aadaa` fi `hedduu` jedhanirraa dhufe.
2. Dhugaa. Sababiinsaas aad-heddummaa jechuun danoomina aadaa jechuudha.
3. Soba. Sababiinsaas aadaa walii waliif kabajee kan isaa kunuunfatee waliin jiraachuu danda`a.
4. Soba. Sababiinsaas mana amantii tokko keessatti akka hinfayyadamne kan dhorku hinjiru.
5. Soba. Sababiinsaas namni aadaan waan garaa gara ta`eef waan ittiin walcaalu hinqabu.
6. Soba. Sababiinsaas akka midhaginaatti ilaalama

- B.** Barattoonni haala barreeffama dhaggeeffataniifi muuxannoo isaanii giddu galeeffachuun walaba ta`anii yaada isaanii ibsachuu danda`an mijeessif. Deeggarsa barbaachisus godhiif. Deebiin gilgaalichaas tokkoofi tokko ta`uu dhiisuu nimala.

#### Barannoo 2: Dubbachuu (Dubbi Gageessuu )



### Torban 1; guyyaa 2



### Gilgaala 4

Barattoonni muuxannoo isaanii fayyadamuun, namoota garaa garaa gaafachuufi madda adda addaa dubbisuun biyya sabaafi sablammiin aadaa garaa garaa qabu keessa jiraatu keessatti haala kamiin jaalalaaf kabajaan aadaa ofii kunuunfataniin waliin jiraachuun akka danda`amu muuxannoo biyyoota biroos fakkeenya fudhachuun dubbii haagageessani.

- Gilgaala kana barattoonni akka itti qophaa`anii dhufaniif akka hojii manaatti dursii kenniif.
- Dubbii yeroo gageessan seera dubbiin idilee ittiin gaggeeffamu eeganiin haagageessani.

- Dubbii dhaggeeffatanirraa barattoonni waan qayyabatan akka ibsaniif carraa kennif. Kun akka barattoonni dhimmicharratti hubannoo argataniifi ogummaa dubbachuu isaaniis akka daran cimsataniif isaan gargaara.
- Barattoonni dubbii isaanii keessatti yaada kaasan hordofuun akka barattoonni kaan hubannoo irratti argataniif erga isaan dubbii xumuranii booda yaada isaan kaasan irra deebi`ii barattootatti himuun dinqisiifadhaa.

### Barannoo 3: Dubbisuu (Callisaafi saffisaan Dubbisuu)



Torban 2; guyyaa 1



#### Gilgaala 5: Dubbisuun Dura

**Deebii gilgaala 5A:** Barattoonni muuxannoo isaaniifi fakkii dhiyaateef bu`uura godhachuun waan yaadan haa ibsani. Deebii isaaniis garaa garummaa qabaachuu waan danda`uuf dubbachuurraa isaan hindaangeessiin. Akka yaada isaanii sodaa malee ibsataniifis jajjabeessi.

- Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

**Deebii gilgaala 5B:** 1. dhuftee      2. ulaagaa      3. dhiibbaa



#### Gilgaala 6: Yeroo Dubbisaa

**Deebii Gilgaala 6: barattoonni erga yaalii isaanii sitti himanii booda deebii sirrii ta`e gabatee gurraacharratti barreessiif.**

1. aadaan, bifaan, amantaan, sanyiin, afaaniin, saalaan, qabeenyaan, deeggarsa addaafi kan kana fakkaatuun
2. namummaa isaatiin
3. kan dhala namaa hundaati
4. afaan, aadaafi eenyummaa isaanii
5. loogii tokko malee

## Barannoo 3: Gadifageenyaan dubbisuu



Torban 2; guyyaa 2



Gilgaala 7: Dubbisuun Booda

### Deebii gilgaala 7:

- A. 1. D    2. A    3. C    4. B    5. E
- B. Deebiin gilgaala kanaa hubannoo barattoonni dubbisicaharratti argataniifi muuxannoo isaanii bu`uura godhachuun kan deebi`u waan ta`eef haala galeefiin haa ibsani. Yaada isaanii akka sodaa malee ibsataniifis jajjabeessi.

## Barannoo 4: Barreessuu



Torban 3; guyyaa 1



### Qaama keeyyataa addaan baasuu

Barsiisaa/tuu: kitaaba barattootaarratti yaadannoo kenname barattoonni haalaan dubbisani akka hubataniif deeggarsa taasisif. Gilgaalota itti aananii jiranis hirmaannaa ho`aadhaan akka barattoonni hundi hojjetan hordoffiifi deeggarsa barbaachisu taasisi.



Deebii Gilgaala 8

1. Sadii (hima ijoo, himoota deeggaroo fi hima goolabaa)
2. Hima ijoo
3. Himoota deeggaroo
4. Hima goolabaa
5. Tuuta himootaa ta`ee kan ergaa tokko qofaa ofkeessaa qabu jechuudha.

## Barannoo 4: qaama keeyyataa addaan baasuu



Torban 3; guyyaa 2



Deebii gilgaala 9

A.

1. Barattoonni gara mana barumsaa dhufan dhimmoota adda addaan garaa garummaa qabaachuu nimalu.
2. Fakkeenyaaf, garaa garummaa qabeenyaa, amantii, saalaa, qaama guutuufi hir`uu, bifa, dandeettii, qomoofi kanneen biroon adda addumaa niqabaatu. Haata`umalee, manni barumsaa garaa garummaa kana hundaa bu`uura godhachuun otoo dhiibbaa kamuu nama tokkorraan hingeessisiin barattoota hundaa haala walqixa ta`een simachuu qaba.
3. Walumaagalatti, manni barumsaa garaa garummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchee kessummeessuu qaba.

B. 1. C

2. D

3. C

4. B

5. D

## Barannoo 5: Akaakuu jechoota waliindeemanii



Torban 4; guyyaa 1



Barsiisaa/tuu: Barattoonni yaadannoofi fakkeenya jechoota waliin deeman ilaalchisuun kitaaba isaaniirratti kenname haalaan dubbisuun dabtara isaaniirratti haa barreeffatani. Waan fakkeenyaicharraa hubatan gaafachuun bakka barbaachisaa ta`etti ibsa dabalataa kenniif. Barattoonni otoo gara shaakalaatti hincehiin fakkeenya dabalataa akka kennan taasisi. Atis gabatee gurraacharratti barreessuun fakkeenya kennan ifa taasisi. Isa booda gilgaala 10A gareen mari`achaa haa hojjetani. Atis hordofuun deeggari.



Deebii gilgaala 10 A

Jechoota waliin deeman	Garee jechaa irraa uumaman
Buna tume	Maqaa fi xumura
Gabatee gurracha	Maqaafi ibsa maqaa

Dabtara bite	Maqaafi xumura
Rifeensa mataa	Maqaafi maqaa
Gara daree	Durduubeefi maqaa
Burtukaana nyaate	Maqaafi xumura
Biyya alaa	Maqaafi durduubee
Caccabsee gate	Xumuraafi xumura
Nageenyaan addaan bahan	Ibsa maqaafi xumura
Hidhii muxxee	Maqaafi ibsa maqaarraa

**Deebii gilgaala 10 B:** Deebiin gilgaala kanaa tokkoofi tokko miti. Kanaafuu, waan barattoonni hojjetan ilaaluun sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuun duubdeebii kenniif. Akka waan hojjetanis kan hiriyyoota isaanii waliin madaalaniif carraa kenniif.

## Barannoo 6: Caasluga (Ciroofi Akaakuusaa)



### Torban 4; guyyaa 2



**Barsiisaa/tuu:** barattoonni yaadannoofi fakkeenya ciroofi akaakuu ciroorratti kennameeru akka dubbisaniifi barreeffatan taasisi. Fakkeenya kenname bu`uura godhachuunis akka fakkeenya mataa isaanii kennaniif jajjabeessi. Fakkeenya isaan kennan bu`uura godhachuun akka qabiyyee kana haalaan hubataniif yaadasaa ibsiif. Isa booda gilgaala kenname gareefi dhuunfaan akka hojjetan taasisuun hordoffiifi gargaarsa godhiif.



### Deebii gilgaala 11

**A.**

- |                     |                     |
|---------------------|---------------------|
| 1. ciroo hirkataa   | 4. ciroo ofdanda`aa |
| 2. ciroo ofdanda`aa | 5. ciroo hirkataa   |
| 3. ciroo hirkataa   | 6. ciroo ofdanda`aa |

**B.**

1. Namoonni, warri abbaa Tolaaf meesii meesan sun, tola ooltummaa hojjetan.

2. Boontuun, akka nama gaarii taate, nama hedduutu beeka.
3. Barattoonni, kanneen ciccimoo ta'an, yeroo isaaniitti haalaan dhimma bahu.
4. Namoonni, kanneen qabeenya qaban, akka halkanii guyyaa hojjetan namni kamuu beeka.
5. Biyya guddatte, kanneen akka Amerikaa keessatti, jireenyi salphaa miti.



## Gilgaala 12

Deebiin barattootaa gargar ta'uu danda'a, haaluma hojjetaniin ilaalii karaa qabsiisi.



## Boqonnaa 8: Walaloo (Wayitii 8)

### 1. Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✍ afwalaloo dhaggeffatanii ergaasaa nihimu;
- ✍ yaad-rimee walaloo nihubatu;
- ✍ afwalaloo dhaggeffatan irra deebi'anii walaleessu;
- ✍ barwalaloo dubbisani nihubatu;
- ✍ keeyyata himoota sasalphaa qaban ni barreessu;
- ✍ jechoota hiika-qabeessa ta'an ni uumu;
- ✍ maalummaafi qoomolee himaa addaan nibaafatu;

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Torban 1; guyyaa 1



#### Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

**Deebii Gilgaala 1A:** Barattoonni muuxannoo isaanii bu`uura godhachuun yaada mataa isaanii waliif qooduun akka waliin mari`atan taasisi; boodas daree guutuuf haa ibsani. Bakka kanatti deebiin tokkoofi tokko ta`e hineegamu.

- Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

**Deebii gilgaala 1B:** 1. baasa /dhangalaasa 2. one / xuratee 3. dallanee



#### Gilgaala 2: Yeroo Dhaggeeffachuu

##### Geerarsa

Geerar geerar naan jedhu

Geerarsa maal nagorsu

Naanuu garaan nan obsu

Ka`een irraa diddigsaa

Akka baasaa dinnichaa

Maafan callisee taa`a

Akka gowwaa dallanee  
 Akka qabee qammanee  
 Akka nama harkaa cabee  
 Akka nama abbaa dhabee.  
     Yaa abbaa yaa gaarii koo  
     Sittan hima aarii koo  
 Barachuuf manaa baheen  
 Hidda kutuu dadhabe  
     Of argeera rakkoo koo  
     Dhaabii hiriyyaan bade  
 Nan deebi`a hinturu  
 Kanarra yeroo hingubu.

**Deebii Gilgaala 2:** 1. nagorsu 2. dinnichaa 3. callisee taa`a 4. harkaa cabee , abbaa dhabee 5. kutuu dadhabe 6. rakkoo koo, hiriyyaan bade 7. yeroo hingubu



### Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

#### Deebii Gilgaala 3:

**A:** 1. C 2. D 3. D 4. B 5. A

**B:** Deebiin gilgaala kanaa adda adda ta`uu nidanda`a. Barattoonni hundi deebisuuf hirmaannaa gaarii gochuu qabu. Kanaaf immoo jajjabeessuufi hordofuun haalaan sirraa eegama.



### Torban 1; guyyaa 2



**Barsiisaa/tuu:** yaadannoo walaloo ilaalchisuun kitaaba barattootaa keessatti kenname, barattoonni haalaan dubbisanii akka hubatan taasisi. Achumaanis dabtara isaaniirratti haabarreeffatani. Bakka barbaachisaa ta`etti ibsa dabalataa kenniif.

**Gilgaala 4:** Barattoonni walaloo barbaadanii fidanii buufataafi sararaan akka addaan baafachuu danda`an shaakalsiisi. Hordoffiifi deeggarsi kee murteessaadha.

## Barannoo 2: Dubbachuu (Waan Dhaggeeffatan)



Torban 2; guyyaa 1



Gilgaala 5

A. Geerarsa dhaggeeffachuu barsiisuuf itti fayyadamte yookiin geerarsa biraa qopheessuun barattootaaf daree keessatti geerari. Yeroo geeraramus akkataa itti geeraramuu qabu hordofi. Barattoonnis akka si jalaa qabaniif waan jedhanii si jalaa qaban itti himi. Isa booda barattoonni haala ati geerarteen waan dhaggeeffatan irra deebi`anii haa geerarani.

A. Hojii kana akka barattoonni irratti qophaa`anii dhufaniif dursii kenniif. Hamma danda`ametti barattoonni hundi carraa dubbachuu/geeraruu argachuu qabu. Kun ofitti amanamummaa dubbachuu isaanii kan gabbisuudha waan ta`eef akka hirmaatan jajjabeessii deeggarsa godhiif.

## Barannoo 3: Dubbisuu - Callisaafi Saffisaan dubbisuu



Torban 2; guyyaa 2



Gilgaala 6: Dubbisuun Dura

### Deebii gilgaala 6

A. **Barattoonni haaluma muuxannoo qabaniin yadaa isaanii waliif haa qoodani. Akka hirmaataniif jajjabeessi.**

- Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

- B. 1. baasuuf  
2. oolchee  
3. ifaa moorarraa tolchamu



## Gilgaala 7: Yeroo Dubbisuu

### Deebii gilgaala 7

1. 3
2. 21
3. namni barate kan ajaja fudhatu yoo sababa dhimma sanaa beekedha.
4. barumsi kan ittiin namni ofis ta'e dhimmoota biroorratti ittiin hubannoo argachuu danda'udha jechuudha.
5. namni barate sababatti kan amanu, osoo waa hubatee hinilaaliin kan murtoo hindabarsineefi abdi biyyaa ta'usaa agarsiisa.



## Torbana 3; guyyaa 1



## Gilgaala 8: Dubbisuun Booda (Callisaafi Gadifageenyaan Dubbisuu)

### Deebii gilgaala 8A

1. Haala gaariin ibse. Namni barate kan sababatti amanuufi abdi biyyaa akka ta'etti ibse.
2. morma waliin. Sababiinsaas namni barate dhimma tokko otoo murtii irratti hindabarsiin dura gaggalagalchee/irra deddeebi'ee ilaala waan ta'eef.
3. Namni barate ofiifis lammiifis kan ta'u akka ta'e agarsiisa.
4. Lakki. Sababiin isaas akka walalichaatti namni barate sababatti amana malee namaaf kan hinajjamne miti.

**Deebii gilgaala 8B:** Barattooni muuxannoofi beekumsa isaaniirratti hundaa'uun hamma danda'an haa yaalani. Hojii isaanii hordofuun jajjabeessi akkasumas duubdeebii kenniif.

## Barannoo 4: Barreesuu (Keeyyata Barreessuu)



### Torbana 3; guyyaa 2



#### Deebii gilgaala 9 A

Hima Ijoo	Himoota Deeggaroo	Hima Goolabaa
Biqiltuu karaalee gurguddoo sadiin kunuunsuun nidanda`ama	- Tokko xaa`oo jala buusuun. -Inni biraan, bishaani. ibsasaa -Inni sadaffaan, aduudha. waliin	Kanaafuu, biqiltuu tokko haalaan kunuunsinee guddisuuf xaa`oon, bishaaniifi aduun baay`ee barbaachisaadha.

#### Gilgaala 9B

Barsiisaa/tuu: barattoonni mataduree filatanii keyyata barreessuu qabu. Qaama keeyyata barreessaniis adda baasanii haa agarsiisani. Waan isaan barreessanis ilaalii duubdeebii kenniif.



#### Gilgaala 10

Haaluma qajeelfama kennameen hojjechiisi. Waan barattoonni barreessan garuu yeroo fudhattee ilaaltee duubdeebii kennuu qabda.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa (Jechoota Hiika Qabeessa Uumuu)



### Torban 4; guyyaa 1



#### Deebii Gilgaala 11

- A: 1. lafa, fala, ala, oolaa      4. eelaa  
2. raacha, gurra                      5. qophaa, eessa  
3. buna

**B:** Haala qajeelfama kennameen hojjechiisuun hojii isaanii ilaalii duubdeebii kenniif.

## Barannoo 6: Caasluga (Caasaa Hima Afaan Oromoo)



**Torban 4; guyyaa 2**



**Barsiisaa/tuu:** yaadannoo qabiyyee kana jalatti kitaaba barattootaa keessatti qophaa`e, barattoonni haalaan dubbisaniif fakkeenya kenname waliin akka hubatanii dabtara isaaniirratti galagalafataniif qajeelchi. Bakka barbaachisaa ta`ettis ibsaafi fakkeenya dabalataan gabbisiif.



### Deebii Gilgaala 12

- A.** Barattoonni waliin ta`anii hojjechuun deebii haala gadiin deebisuu qabu.
- Himoonni 1-4 jiran hima Afaan Oromooti. Sababiinsaas, himoonni kun hawaasicha biratti hiika qabeeyyiidha, hunduu tuqaaleetiin xumuramaniiru akkasumas hunduu matima (Barattoonni, Gaaddisaan, Jamiilaan, Qaasim) antimaa (mana barumsaa, kubbaa, fiigichaan, barumsa) fi gochima (qulqulleessan, taphate, baate, dhiise) jedhan of keessaa qabu.
  - Himni 5ffaan garuu, hima Afaan Oromoo miti. Sababiinsaas hawaasicha biratti fudhatama waan hinqabaanneefi. Hawasicha biratti namni mana keessa malee boolla keessa hinjiraatu.
- B.** Barattoonni himoota mataa isaanii ijaaruun qaama isaaniis addaan haa baasani. Ilaaliitii duubdeebii kenniif.

## Boqonnaa 9: Tokkummaafi Addaddummaa (Wayitii 7)

### 1. Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✘ Yaada barruu dhaggeeffatanii haala jireenya qabatamaa waliin walbira qabanii nimadaalu;
- ✘ yaada isaanii ragaan deeggaruun falmii nigaggeessu;
- ✘ yaada barruu dubbisanirratti ilaalcha qaban nihimu;
- ✘ keeyyata himoota sasalphaa shan of keessaa qaban ni barreessu ;
- ✘ jechoota hiik-heddee ta`aniif hiika garaa graa nikennu;
- ✘ akaakuu himootaa caasaadhaan addaan nibaafatu.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Torban 1; guyyaa 1



Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

**Deebii Gilgaala 1:** Haaluma qajeelfama kennameen barattoonni muuxannoo isaaniirratti hundaa`anii akka yaalan jajjabeessi.

- ✓ Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabtara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

### **Tokkummaafi Addaaddummaa**

Biyyi tokko sabaafi sablamii garaa garaa qabaachuu nidandeessi. Kunis biyya sana keessa sabni adda addaa kanneen afaaniin, amantiin, qomootiin, aadaatiin, bifaafi kan kana fakkaatuun adda adda ta`an bakka tokkotti ollaa ta`anii yookiin maatii ta`anii waliin jiraachuu agarsiisa. Haala akkasii keessatti tokkummaan waan walitti nama fidurratti qooda fudhachuun adda addummaa walii waliif fudhachuun jaalalaan jiraachuun nidanda`ama.

Sabnii dhimmoota olitti eeramaniin adda adda ta`e tokko biyya tokko keessa tokkummaan waliin jiraachuun dhiibbaa qaqqabsiisu hinqabu. Namni hundi waan ofii akkuma jaallatuufi akka kabajamuufii barbaadu kan isa kaaniis

jaallachuun kabajee waliin jiraachuutu irraa eegama. Sabni waliin jiraatu marti waan ittiin gargar ta'e sana waliif kabajuun akka biyyaatti immoo waliin dhaabbachuutu irraa eegama. Akka sabaatti waan ofii qabaatus akka biyyaatti immoo hundinuu biyya tokkotti waamama. Akkasumas, dhimmoonni akka biyyaatti walitti saba sana fidanis nijiraatu. Fakkeenyaaf, dhimma nageenya biyyaa yoo fudhannee birmadummaa biyyaa kabachiisuu keessatti waliin dhaabbachuun dirqama lammiiti.

Kanaafuu, biyya tokko keessa sabaafi sablammiin garaa garaa jiraatus, garaa garummaa walii kabajuun jaalalaan jiraachuun barbaachisaadha. Kanamalees, garaagarummaa sana keessatti tokkummaa ofii cimsachuun dhimma waloof waliin dhaabbachuufi dhimma hawaasummaarratti walii tumsuun kabaja sabni tokko isa biraaf qabu agarsiisuutti dabalee tokkummaafi garaa garummaan sabaafi sablamii sanaa akka cimuu taasisa.



## Gilgaala 2: Yeroo Dhaggeeffachuu

### Deebii gilgaala 2

1. afaaniin, amantiin, qomootiin, aadaatiin, bifaafi kan kana fakkaatuun
2. dhiibbaa
3. waliif kabajuu
4. biyya
5. dhimma nageenya biyyaa



## Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

### Deebii gilgaala 3

A.

1. **Dhugaa.** Sababiinsaas waan walitti isaan fidurratti tokkummaan bahanii kan dhuunfaa isaanii immoo waliif kabajanii jaalalaan waliin jiraachuu waan danda'aniif.
2. **Soba.** Namni akkuma kan isaa akka kabajamuuf barbaadu kan nama biraas kabajuun dirqama.
3. **Dhugaa.** Biyya tokko waliin qaba, dhimma hawaasummaarrattis waliin qooddata.



4. **Dhugaa.** waan waliin qabu cimsachuun kan adda addatti qabus waliif kabajee jiraachuu danda`a.
  5. **Soba.** Waliif qaqqabuu danda`u; gadda, gammachuu, daboofi kkf irratti waliif qaqqabu.
- B. Barattoonni akkaataa qajeelfama kennameen akka hojjetan qajeelchi. Yaada isaaniis daree keessatti akka waliif ibsaniif carraa kenniif.

## Barannoo 2: Dubbachuu - Falmii Gaggeessuu



Torban 1; guyyaa 2



Gilgaala 4

Qajeelfama kenname hordofuun akka falmii gaggeessan taasisi. Gilgaala kana akka dursanii irratti qophaa`aniif guyyaa falmiin gaggeeffamu dursii kenniif. Barattoonni hundi yaada isaanii ibsachuun ogummaa dubbachuu isaanii akka gabbifatan jajjabeessi. Hordoffiifi deeggarsi kees murteessaadha.

## Barannoo 3: Dubbisuu



Torban 2; guyyaa 1



Gilgaala 5: Dubbisuun Dura

**Deebii gilgaala 5 A:** Akkaataa qajeelfama kennameen barattoonni muuxannoo isaaniirratti hundaa`uun yaada haa kennani.

- ✓ Barsiisaa/tuu, gaaffilee shaakala kanaa yeroo dabbara isaaniirratti barreeffatan barattoota gargaarsa addaa barbaadan hubannoo keessa galchuun haala barbaachisummaa isaarratti hundaa`uun gaaffilee dubbisiif.

**Deebii gilgaala 5B**

1. waliif obsuu/walbalaaleffachuu dhiisuu      2. waliin jireenya      3. bilisa

**Gilgaala 6: Yeroo dubbisuu****Deebii Gilgaala 6**

1. hundi amantii, ilaalcha, fedhii, qomoo, bifa, saala, sadarkaa jireenyaa, beekumsaafi kanneen kana fakkaataniin
2. gara bal`inniifi waliif yaaduun
3. **yaaddoo** malee jiraachuuf **shoora**
4. ilaalcha qajeelaa
5. kutaa barnootaa keessattis ta`ee jireenya hawaasummaa keessatti **nama kamiifuu**
6. obsaan dogoggora walirraa waliif darbuun dhiifama
7. yaada walii kabajuu, kan namni biraan ittiin beekamu aadaas ta`ee afaan yookiin amantiif,

**Torban 2; guyyaa 2****Gigaala 7: Dubbisuun Booda - Suutaafi gadifageenyaan dubbisuu**

**Deebii gilgaala7A:**    1. C    2. A    3. C    4.D    5. D    6.D

**Deebii gilgaala7B:**    1. F    2. J    3. K    4. B    5. A    6. I    7. G    8. L  
9. H    10. C

**Gilgaala 8**

Akkaataa qajeelfama kennameen hojjechiisi. Barattoonni akka ilaalcha mataa isaanii ibsaniif jajjabeessi.

**Barannoo 4: Barreessuu****Torban 3; guyyaa 1**

**Barsiisaa/tuu:** yaadannoo amaloota keeyyataa ilaalchisuun kitaaba barattootaarratti kenname akka barreeffatan qajeelchi.

**Gilgaala 9**

- A. Gilgaala kana akkataa qajeelfama kennameen barreessanii waliif haa soroorsan. Boodas akka duubdeebii waliif kennan taasisi.

**Torban 3; guyyaa 2**

- B. Barattoonni mataduree barbaadanirratti keeyyata himoota sasalphaarraa ijaarame tokko gumee qopheessuun akkasumas amaloota keeyyataa giddugaleessa godhachuun akka barreessan qajeelchi; keeyyata isaan barreessanii fidanis yeroo fudhadhuu ilaalii duubdeebii kenniif.

**Barannoo 5: Fayyadama Jehootaa - Jehoota Hiik-Heddee****Torban 4; guyyaa 1**

**Barsiisaa/tuu:** Ibsaafi fakkeenya kitaaba barattootaarratti kenname akka dabtara isaaniirratti galagalfatan qajeelchi.

**Deebii gilgaala 10**

A. :

<b>Jecha</b>	<b>Kan jedhamuuf</b>	<b>Hiika</b>
dhahe	Midhaan dhahe	calleesse
	Harree dhahe	rukute
	gabaa geessee hoolaa gurra dhahe	gurgure
	mala dhahe	fala fide
	Maqaa dhahe	waame
Nyaate	Midhaan nyaate	Alalfatee liqimse

	Biyyoo nyaate	nidu`e
	Ofnyaate	Ofitti aare, of balleesse/ ofajjeese
	Kemikaalli wal-nyaate	Waa-fudhate,
	Rasaasatu nyaate	rukute
	Bishaantu nyaate	Liqimse
	Gowwummaa isheetu nyaate	Ishee balleesse
	Ollaan nagaa dhabee wal-nyaate	w a l - l o l e , waljeeqe

- B. : Akkaataa qajeelfama kennameen hojjechiisi. Hojii isaaniis walii isaanii waliin haa madaalani. Hordoffi deeggarsa barbaachisu godhiif.

## Barannoo 6: Caasluga - Akaakuu Himaa Caasaadhaan



Torban 4; guyyaa 2



### Gilgaala 11: Akaakuu himaa caasaadhaan

#### Deebii gilgaala 11A

Lakk.	Hima	Akaakuu himaa	Sababa
1	Namni kaayyoo qabuufi namni sirriitti dubbisu qabxii gaarii galmeessisa.	Dachima	Himoota salphaa sadiirraa ijaarame.
2	Akka hiriyaa kee nama kabaji.	Xaxima	Ciroo hirkataa tokkoofi ofdanda`aa tokkorraa ijaarame.

3	Quufaan, ilmi abba Soolan, barsiisaa ta'e.	leexima	Gochima tokko qofa qaba
4	Ati hingaltu; ani hinfayyu.	Dachima	Hima sasalphaa lamarraa ijaarame.
5	Yoo qabaatan, yoo namaaf kennan, namni nama jaallata.	Xaxima	Ciroo hirkataa lamaafi ofdanda`aa tokkorraa ijaarame.
6	Gadditus, gammaddus, namarratti daftuu abdi kuttee tarkaanfii hinfudhatiin.	dachima Xaximaa	Ciroo hirkataa lamaafi ofdanda`aa lamarraa ijaarame.
7	Maaremaan gabaa dhaqxe.	leexima	Gochima tokko qofa qaba
8	Yommuu deemtus, yommuu galtus, natti gorii na dubbisii darbi.	dachima Xaximaa	Ciroo hirkataa lamaafi ofdanda`aa sadiirraa ijaarame

**Gilgaala 11B: Akkaataa qajeelfama kennameen hojjechiisuun himoota isaan ijaaran ilaalii duubdeebii kenniif.**

## Boqonnaa 10: Godaansa (Wayitii 7)



### Torban 1; Guyyaa 1



Kaayyoowwan: Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti barattoonni:

- ✎ waa’ee godaansaa waan dhaggeeffatan qeeqanii ni himu;
- ✎ ilaalcha isaanii sababaan deeggaruun ni himu;
- ✎ odeeffannoowwan murtaa’oo waliigalaafi ergaa barruu ni himu;
- ✎ keeyyata himoota garagaraa qaban ni barreessu;
- ✎ hiika jechamootaa dubbachuufi barreessuu keessatti nifayyadamu;
- ✎ akaakuu walqabsiiftotaa ni himu ittis ni fayyadamu;

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1

#### Dhaggeeffachuun Dura

##### A) Fakkii

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota saditu dhiyaate. Inni jalqabaa fakkii waa’ee godaansaa kan waan dhaggeeffachuuf jiranii wajjin walfakkaatu. Daawwatanii waan hubachuu danda’uu isaanii gaafadhaa. Gaaffii gilgaala 1A jala jirus wajjumaan hojjedhaa. Gilgaalicha gara mata duree isaan dhaggeeffachuuf jiraniitti isaan fiduu danda’uu qaba.

##### B) Hiika Jechoota Barruu Dhaggeeffatame Keessaa Bahan

Barattoonni ogummaa dhaggeeffatanii hubachuu isaanii akka cimsataniif barruu “godaansa” jedhu dubbisaafitii shaakala ogummicha cimsuuf gargaaru hojjechiisaa. Jalqaba ogummaa dhaggeeffachuu hubachuu isaaniif danqaa ta’uu kan danda’u jechoota ciccimoo barruu sana keessatti argaman ta’uu waan danda’aniif hanga ta’e achi keessaa bahee barattoonnis hiikasaa akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima waan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin

akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Qubachuu = bakka jiraachuuf taa'an; (yeroo gabaabaa ykn dheeraaf)
- b) Qe'ee = bakka murtaa'aa kan ofii godhatanii amma jiraataa jiran
- c) Bu'iibahii = rakkoo, danqaa jireenyaa
- d) Abjuu = hawwii, fedhii egeree
- e) Baraaramuu = ooluu, jalaa bahuu
- f) Walbuusa = adda addummaa agarsiisuu
- g) Dawoo = bakka turtii, bakka boqonnaa
- h) Ititutti = hamma tasgabbaa'utti
- i) Wayya = fooyyee, waan filatamu
- j) Adamoo = barbaacha, hordoffii



## Gilgaala 2

### Yeroo Dhaggeeffachuu

#### Barruu Dubbifamu Dhaggeeffatanii Guutuu

Barsiisaa/tuu, amma barattootaaf barruu dubbistu; isaanis dhaggeeffachaa waan gilgaala lama jalatti dhiyaate dalagu. Barruu “Godaansa” jedhu kana yeroo sadii irra deddeebitanii dubbistuuf. Saffisniifi anniisaan sagalee dubbisaaf ittiin dhimma baatan kan guulame ykn tirataa ta'uu hinqabu. Jalqaba callisanii shaakala gilgaalichaa akka isaan barruulee isaaniirratti galagalafataniifi yeroo tokka akka dubbisan itti himaa. Itti fufee, yommuu isin marsaa jalqabaa dubbistaniif callisanii akka dhaggeeffatan quba qabsiisaa. Yeroo lammaffaa yommuu dubbisuufii jalqabdan isaan immoo shaakala dhiyaateef guutaa akka dhaggeeffatan; yeroo sadaffaa yommuu dubbifamuuf immoo waan guutaa turan mirkaneeffachaa waan isaan jala darbee ture immoo xumurachaa akka dhaggeeffatan itti himaa.

#### Akaakuu Godaansaa

Godaansi bakka jireenyaa isaanii dhiisanii bakka jireenyaa kan biraa qubachuuf sochii namoonni waan qaban hunda wajjin taasisanidha. Namoonni gaafa godaanan qe'ee itti madaqaniifi ollaa walbaranii baroota dheeraaf wajjin

jiraachaa turan gadlakkisuun yeroo tokko tokko qabeenya dhaabbataa qaban gurguratani yeroo haalli mijataa sana gochuun rakkisaa ta'ettimmoo dhiisanii sosso'u. Sababii godaansaan sochii namoonni taasisan kun hanga gaafa bakka itti godaanan sana ga'anii jireenyi isaanii haalaan ititutti bu'iba'iin keessa darbamu baay'ee abdi kutachiisaadha. Yeroo tokko tokko hawwiifi abjuun isaan qabatani godaansa filannoo taasifatan otuu hinmilkaa'iin hafee isaanis bakka itti sosso'an sana hanqatanii karaatti hafu. Yeroo biraammoo carraan abjuu namootaa milkeessitee lafa itti godaanan sana qaqqabani hawwii isaanii yeroo dhuunfatan argamu.

Godaansa namoonni taasisan kunis sababiiwwaniifi bu'uuraalee garagaraa kan qabaachuu danda'u ta'us hawwiin qabeenya horachuufi jireenya gaarii jiraachuu namootaa adda durummaan kan eeramanidha. Sababiiwwan eeramuu danda'an maaliyyuu haata'an malee, akka waliigalaatti yoo fudhatame godaansi bakka gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis godaansa biyya tokkoo gara biyya biraatti taasifamuufi godaansa biyyuma tokko keessatti bakkaa bakkatti taasifamudha. Godaansa biyyaa biyyatti taasifamu gaafa jedhamu fedhii namoonni jireenya fooyya'aafi kan keessa jiran sanarra wayya qabeessa ta'e argachuuf qabanirraa kan madduu danda'u yoo ta'u yookaan immoo adamoo siyaasa bu'uureffatee irratti gaggeeffamu jalaa baraaramuuf baqannaaw dawoo barbaacha taasifamu ta'uu danda'a. Godaansa biyya keessaa gaafa jedhamu immoo, sochii namootaa ka'umsa garagaraa qabaatee yeroo baay'ee baadiyyaarraa gara magaalatti taasifamu yoo ta'u yeroo tokko tokko sababiiwwan adda ta'e irraa kan ka'e sochiin namootaa kun magaalaa gara baadiyyaa ta'uu nidanda'a. Wantoonni godaansa biyya keessaaf akka sababaatti maqaa dhahamuu danda'an hedduufi garaagara yoo ta'an isaan keessaa muraasni barbaacha hojii, tajaajila fayyaa, bishaan qulqulluufi maallaqa fa'i. Akkasumas baadiyyaadhaa gara baadiyaatti sochiin taasifamu immoo, bakka dheedumsaa, fira, lafa qonnaafi qilleensa qonnaafi namaaf mijatu barbaaduurratti bu'uureffata. Haata'u malee, gosniifi sababni godaansaa kun haala keessatti ta'urratti hundaa'ee wal-buusa.

Akka waliigalaatti, godaansi baadiyyaadhaa magaalatti taasifamu irra caalaa biyyoota guddachaa jiran keessatti yoo danatu, magaaladhaa magaalatti kan taasifamu garuu biyyoota guddatan keessaatti baay'ata. Kunis ta'ee garuu,



haalli godaansaa kallattii fedheenuu ta’u, jiruufi jireenya fooyyeffachuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, sababiiwwan bakka kanatti maqaa dhoofneefi sababiiwwan biroon, hawaasni bakka jiraaturraa gara jireenyi mijataa itti fakkaatetti godaanuuf dirqama.

Barsiisaa/tuu, barattoonni dalagaa isaanii erga xumuranii booda, lama lamaan ykn sadi sadiin ta’anii waan dalagan akka walitti agarsiisan itti himaa; itti fufees waan irratti waliigalan dareef akka gabaasan itti himaa. Dhumarrattis, lakkoofsa 1-15 asiin gadiin jechoonni dhiyaatan hojii barattootaa keessatti hammatamuu isaa mirkaneessaa.

- 1) qe’ee
- 2) madaqanii
- 3) haalaan ititutti
- 4) hawwii
- 5) abjuun
- 6) carraan abjuu
- 7) bu’uuraalee
- 8) hawwiin qabeenya horachuu
- 9) biyya tokkoo
- 10) biyya biraatti
- 11) wayya qabeessa
- 12) adamoo siyaasa
- 13) dawoo
- 14) baadiyyaarraa
- 15) magaalatti



### Gilgaala 3

#### Dhaggeffachuun Booda

##### Deebii

1. Carraa
2. hawwii qabeenya horachuufi jireenya gaarii jiraachuu
3. Godaansa biyya tokkoo gara biyya biraatti taasifamuufi godaansa biyyuma tokko keessatti bakkaa bakkatti taasifamudha
4. Hojii, tajaajila fayyaa, bishaan qulqulluu, maallaqaafi kkf.



### Torban 1; Guyyaa 2



#### Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

Barsiisaa/tuu, barattoonni waa’ee hojii maallaqaaf jedhanii namoota nanaannessuu (human trafficking) odeeffannoo qabaachuu isaanii gaafadhaa.

Dhimmicha irrattis waan odeeffannoo bu'uura ta'u kaasaa dudubbadhaa. Yaadrimee isaa erga hubatanii booda, garee miseensa 4-5 qabu uumanii marii akka taasisan godhaa. Qabxiin marii isaaniis: ka'umsi dhimmichaa maal akka ta'e, caasaan ittiin gaggeeffamu maal akka ta'e, nanaannessuun kun hanga kamitti akka deemu, jala dhaabbachuuf maaltu danqaa akka ta'eefi kan biroos akka ta'uu malu itti himaa. Marii isaanii erga xumuranii booda dabareedhaan gabaasa afaanii akka taasisan jajjabeessaa. Hanga danda'ametti barataan hunduu dubbachuuf carraa akka argatu gargaaraa.



## Torban 2; Guyyaa 1



### Barannoo 3: Dubbisuu



#### Gilgaala 5

#### Dubbisa Dura

Barsiisaa/tuu, barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barannoo kana jalatti gilgaalota garagaraatu dhiyaate. Gilgaala 5A jalatti qalbii barattootaa gara dhimma dubbisichaatti deebisuuf gaaffilee dhiyaatan hunda dalagaa. Deebiin barattoonni kennan marti waan gara mata duree dubbisaatti isaan fiduufi waan dubbisaaniif isaan qopheessu ta'uu qaba.

Ogummaa dubbisuu barattootaa danquu kanneen danda'an jechoonni ciccimoon barruu sana keessatti argaman hanga ta'e gilgaala 5B jalatti adda bahanii dhiyaataniiru. Barattoonnis hiikasaanii akka tilmaaman gaafatamaniiru. Kanneen dhiyaatan qofa otuu hintaane isinis barataatti nicima kan jettan dursitanii itti himuu hindhiisiinaa. Hiika gaafa itti himtanis kallattiin akkasi jechuu caalaa waan isaan tilmaaman sana qajeelchuufii wayya. Jechoonni barricha keessaa bahanis hiika isaanii wajjin kunooti.

- a) Farra = faallaa, mormii
- b) Yakka = badii, balleessaa
- c) Butuu = otuu abbaan itti hinyaadiin dirqisiisanii fudhachuu
- d) Dirqisiisuu = fedhii ala to'achuu

- e) Sossobuu = waan dhugaa hintaane itti himanii amansiisuu ya aluu
- f) Fedha = waan barbaadan
- g) Geejjiba = waan ittiin bakkaa bakkatti sosso'an
- h) Dacha = harka lama
- i) Sagaagalummaa = seera gaa'ilaan ala maallaqaaf jecha daldala fedhii foonii irratti bobba'uu
- j) Eeyyama = tole jedhanii itti waliigaluu
- k) Al-kallattii = karaa nannaa'aa ta'een
- l) Simachuu = fudhachuu, itti waliigaluu



## Gilgaala 6

### Yeroo Dubbisuu

Barsiisaa/tuu, amma barattoonni barruu dubbisu; otuu dubbisanis waan gilgaala ja'a jalatti dhiyaate dalagu. Waan gilgaalicha jalatti dhiyaate yeroo tokko ilaalani gara dubbisaa akka dhaqan itti himaa. Barattoonni saffisaafi callisaan dhuunfaa isaaniitiin akka dubbisan gargaaraa. Deebiin gaaffilee gilgaala ja'aas kunooti.

Namaan Daldaluu		
Gocha	Toftaa	Kaayyoo
✓ Miidhamaa:	✓ humnaan	✓ Dirqiidhaan
✓ fiduu/fichisiisuu	gargaaramuu	namaaf
✓ keessummeessuu	✓ sodaachisuu	hojjechuu
✓ sochoosuu	✓ dirqisiisuu	✓ Hojii hinfeene
✓ fudhachuu	✓ gowwoomsuu	dalaguu
✓ dhuunfachuu	✓ sossobuu	
✓ ofbira tursuu		



## Torban 2; Guyyaa 2



### Dubbisa Booda

Barsiisaa/tuu, bakka kanatti barattoonni waan dubbisan sirriitti hubataniiru jedhamee abdatama. Kanaafis, gilgaalota dubbisicha keessaa bahan akka dalaganiif gargaaraa.



### Gilgaala 7

#### A) Deebii Gaaffilee Filannoo

1) C 2) D 3) C 4) A 5) D 6) B 7) C



### Gilgaala 8

#### Deebii

- 1) Gochichi inni har'aa seeraan ala ta'uu isaa
- 2) Toftaa
- 3) Daldaalota seeraan alaa biyya keessa jiranniin, firoottan biyya alaa jiraniin, hiriyyoottaniin, daldaalota biyya alaa jiraniin, ejeensii hojjetaafi hojjechiisaa seera qabeessan, karaa hinbeekamne
- 4) Daldaalota seeraan alaa biyya keessa jiran
- 5) Nama seeraan ala seene simachuu, dhoksuufi ofbira kaa'uu, daangaa biyya tokkoo osoo lammii yookiin dhaabbiin jiraataa biyya sanii hinta'iin seensisuu, faayidaa maallaqaa yookiin faayidaa qabatamaa biraa argachuuf jecha nama ceesifamu sanarraatti badii raawwatamu



## Torban 3; Guyyaa 1



## Barannoo 4: Barreessuu



## Gilgaala 9

## A) Deebii

- 1) *Hima salphaa*
- 2) *Hima dachaa*
- 3) *Hima salphaa*
- 4) *Hima xaxamaa*
- 5) *Hima dachaa xaxamaa*
- 6) *Hima dachaa xaxamaa*
- 7) *Hima dachaa xaxamaa*
- 8) *Hima dachaa*
- 9) *Hima dachaa*
- 10) *Hima xaxamaa*
- 11) *Hima salphaa*
- 12) *Hima dachaa xaxamaa*



## Torban 3; Guyyaa 2



## B) Deebii

Barsiisaa/tuu, barattoonni keeyyata himoota caasaadhaan garagara ta'an torba ofirraa qabu akka barreessan taasisaa. Himoota keeyyata isaanii keessatti hammachiisan tokko tokkoon adda baasanii hima gosa kami akka ta'e akka himan taasisaa.



## Torban 4; Guyyaa 1



### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



#### Gilgaala 10

#### Deebii

1) **Harkatti qabe.**

- a. Harkasheen waan isheen qabatee jirtu innimmoo harkasaan irratti qabe
- b. Ni qooddate

2) **dhiiga koo danfisuudhaa**

- a. Dhiiga qaamakoo keessaa jechuudha
- b. Ana aarsuu

3) **nama ciqilu.**

- a. Ciqilee harkaan nama dhaanu
- b. Akka namni hinguddanne nama hacuucu

4) **funyaan qabeen**

- a. Qaama namaa kan ittiin fuunfatan
- b. Dirqisiiseen

5) **quba qabdaa?**

- a. Qubni qaama harkarratti argamu
- b. Wanti dhageesseettu jiraa?

6) **onnee hinqabu**

- a. Onneen qaama keessoo namatti kan argamu
- b. Sodaataadha; lugna

7) **miila fageefatti.**

- a. Miilli qaama namaa kan ittiin deemani
- b. Karaa fagoo deemti

**8) jilba isaan buuse.**

- a. Jilbi qaama namaati; miidhamuu isaa agarsiisa
- b. Abdii kutatan;

**9) garaa ofbarsiisuun**

- a. Garaan qaama namaati; baruun beekuudha
- b. Itti michoomuu; iccitii ofii itti himuu; ofitti maxxansuu

**10) gurra muree afaan kaa'e.**

- a. Gurriifi afaan qaama namaati; gurra nyaachisuu jechuudha
- b. Sobuu, gowwomsuu

**Torban 4; Guyyaa 2****Barannoo 6: Caasluga****Gilgaala 11****A) Deebii**

- 1) Erga
- 2) garuu
- 3) yookiin
- 4) Haa ta'u malee
- 5) malee
- 6) yookiin
- 7) Yoo
- 8) erga

**B) Deebii**

- 1) akka
- 2) akkuma
- 3) hamma
- 4) ta'us
- 5) fi
- 6) garuu
- 7) waan
- 8) yookanaa
- 9) kanaaf
- 10) kanaaf



## Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa (2010). *Natoo:Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo: Concept of Afaan Oromoo Grammar*. Finfinne: Mega Printing Press.
- Addunyaa Barkeessaa (2014). *Semmoo: Bu`uura Barnoota Afaaniifi Afoolaa*. Far East Trading PLC. Oromiyaa Finfinne.
- Adler, M. J. (1983). *How to speak, how to listen*. New York: Macmillan.
- Barcroft, J. (2003). *Distinctiveness and bi-directional effects in input enhancement for vocabulary learning*. Applied Language Learning, 13, 133-159.
- Brownell, J. (1996). *Listening: Attitudes, principles, and skills*. Boston: Allyn and Bacon.
- Fedhasaa Taaddasaa (2017). *Bu`uuraalee Ogbarruu Oromoo*. IisabaaPublishing: Finfinne, Oromiyaa.
- Gunning, T.G. (2012). *Reading success for all students: Using formative assessment to guide instruction and intervention*. San Francisco,CA: Jossey- Bass.
- Hannett, K., Lowe, K. & Martens, D. (2009). *Promoting reading success: Strategies and ideas that work!* Practically Primary, 14(3).
- Harlan, R. (1993). *The confident speaker: How to master fear and persuade an audience*. Bradenton, FL: McGuinn & McGuire Publishing.
- Mitchell, R., & Myles, F. (2004). *Second Language Learning Theories*. London: Hodder.
- Panourgia, E. & Zafiri, M. (2012). *Probing Into Academic Writing: Building Students Confidence To Write*. The Public Administration And Social Policies Review, 1(8). Pp 137-147.
- Temesgen Negasa (1993). *Word Formation in Oromo*. Addis Ababa University: Addis Ababa. (unpublished MA Thesis).